أورومي

# HISNUL-MUSLIM ZIKRIIWWAN

## QUR'AANAAF HADIISAA



# حصن المسلم

## من أذكار الكتاب والسنة

تأليف
سعيد بن علي بن وهف القحطاني

# BAFATA


| Baafata | Fuula |
|---|---|
| Dursa | 15 |
| Seensa | 17 |
| Faaydawwan Zikrii | 20 |
| 1.Zikrii Yeroo Hirriibaa Ka'an Godhamu | 29 |
| 2.Du'aa'ii Yeroo Uffata Godhata Jedhamu | 30 |
| 3.Du'aa'ii yeroo Uffata Haara'a Godhatan Jedhamu | 31 |
| 4.Du'aa'ii Nama Uffata Haara'a Argateef Godhamu | 32 |
| 5.Du'aa'ii Yeroo Uffata Baafatan Jedhamu | 33 |
| 6.Du'aa'ii Yeroo Mana Sagaraa Seenan Godhamu | 33 |
| 7.Du'aa'ii Yeroo Mana Sagaraatii Bahan Godhamu | 34 |
| 8..Zikrii Wuduu'a Dura Jedhamu | 34 |
| 9..Zikrii Erga Wuduu'a Geessanii Booda Godhamu | 35 |
| 10.Du'aa'ii Yeroo Manaa Bahan Godhamu | 36 |
| 11.Zikrii Yeroo Mana Seenan Jedhamu | 37 |
| 12.Du'aa'ii Yeroo Gara Masgiidaa Deeman Jedhamu | 38 |

| Baafata | Fuula |
|---|---|
| 13.Du'aa'ii Wayita Masjiida Seenan Godhamu | 40 |
| 14.Du'aa'ii Wayita Masjiidaa Bahan Godhamu | 42 |
| 15.Du'aa'iwwan Azaanaa | 43 |
| 16.Du'aa'ii Seensa Salaataa | 47 |
| 17.Du'aa'ii Odoo Rukuu'arra Jiran Godhamu | 48 |
| 18.Du'aa'ii Yeroo Rukuu'arraa Ka'am Jedhamu | 49 |
| 19.Du'aa'ii Wayita Sujuudaa Dubbifamu | 50 |
| 20.Du'aa'ii Sujuudota Lamaan Giddutti Godhamu | 52 |
| 21.Du'aa'ii Sajdatat-Tilaawaa Irratti Godhamu | 54 |
| 22.Tashahhuda | 55 |
| 23.Salaat Aln-Nabii Tashahhuda Booda Dubbifamu Booda Odoo Salaata Hin Xumurin Dura Godhaman | 57 |
| 24.Du'aa'iwwan Tashahhuda Dhumaa | 59 |
| 25.Zikriiwwan Salaata Boodan Godhaman | 62 |
| 26.Du'aa'ii Salaatal Istikaaraa | 67 |
| 27.Zikrii Ganamaafi Galgalaa | 72 |
| 28.Zikrii Hirriiba Dura Jedhamu | 85 |

| Baafata | Fuula |
|---|---|
| 29.Du'aa'ii Halkan Yeroo Hirriibarraa Ka'anii Jihaa Jijjiiratan Jedhamu | 88 |
| 30.Zikrii Yero Halkan (Tasa) Rifachuun Hirriibarraa Dammaqan Qara'amu | 89 |
| 31.Abjuufi Dunquqquu Yeroo Argan Wanta Jedhamu | 90 |
| 32.Du'aa'ii Salaata Witrii Keessaatti Godhamu | 91 |
| 33.Du'aa'ii Salaata Witrii Booda Godhamu | 93 |
| 34.Du'aa'ii Yeroo Yaaddofi Gaddaa Godhamu | 95 |
| 35.Du'aa'ii Yeroo Rakkinaa Jedhamu | 96 |
| 36.Du'aa'ii Yeroo Diinafi Mootii (Garaa Jabaatu) Argan Godhamu | 99 |
| 37.Du'aa'ii Namni Amantii Isaa Keessatti Shakkiin Ittidhagahame Dhageessisu | 101 |
| 38.Du'aa'ii Namni Idaa Ufirraa Qabu Godhu | 103 |
| 39.Du'aa'ii Namni Sheeyxaanni Salaata keessatti ykn odoo Qur'aana Qara'u Isa Wasawwase Dhaggeessisuu Qabu | 105 |
| 40.Du'aa'ii Namni Rakkinni Wahii Isa Qunname Godhu | 106 |
| 41.Tarkaanfii Namni yakka Hojjate Fudhachuu Qabu | 107 |

| Baafata | Fuula |
|---|---|
| 42.Du'aa'ii Yeroo Dhimmi (Rakkinni) Hunnaa Olii Nama Qunname Godhamu | 108 |
| 43.Du'aa'ii Daa'imaaf Godhamu | 109 |
| 44.Du'aa'ii Dhukkubsataaf Godhamu | 110 |
| 45.Faayidaa Dhukkubsataa Gaafachuu | 112 |
| 46.Du'aa'ii Dhukkubsataan Abdii Fayyuu Hin Qabne Godhu | 114 |
| 47.Waa'ee Nama Sakraa Du'aa Irra Jiru Karaa Qajeelchuu | 115 |
| 48.Du'aa'ii Namni Rakkinni Isa Qunname Dhageessisu | 116 |
| 49.Du'aa'ii Namni Nama Du'e Ija Walitti Qabu Godhu | 117 |
| 50.Nama Du'erratti Yeroo Sagadamu Du'aa'ii Isaaf Godhamu | 119 |
| 51.Ijoollee Odoo Umrii Gaafatamaa Hin Gahin Du'aniif Du'aa'ii Godhamu | 122 |
| 52.Du'aa'ii Gadda Ittiin Ibsan | 124 |
| 53.Du'aa'ii Namni Reeffa Awwaala Keessa Kaayu Godhuu Qabu | 126 |
| 54.Du'aa'ii Sirna Awwaalaa Booda Godhamu | 127 |
| 55.Du'aa'ii Namni Qabrii Ziyaaru Godhu | 127 |
| 56.Du'aa'ii Yeroo Bubbeen Bubbisu Godhamu | 129 |

| Baafata | Fuula |
|---|---|
| 57.Du'aa'ii Yeroo Hangaasuu Dhagahan Godhamu | 130 |
| 58.Du'aa'ii Yeroo Roobni Dhabamu Godhamu | 131 |
| 59.Du'aa'ii Yeroo Roobuuf Ta'u Godhamu | 132 |
| 60.Du'aa'ii Erga Roobee Booda Godhamu | 133 |
| 61.Du'aa'ii Yeroo Roobni Baay'atu Godhamu | 134 |
| 62.Du'aa'ii Namni Baatii Arge Dhageessisu | 135 |
| 63.Du'aa'ii Namni Soome Yeroo Hiiku Godhu | 136 |
| 64.Du'aa'ii Nyaata Dura Godhamu | 137 |
| 65.Du'aa'ii Nyaata Booda Godhamu | 139 |
| 66.Du'aa'ii Keessummaan Nama Isa Afeereef Godhamu | 140 |
| 67.Du'aa'ii Nama Bishaan Isin Obaaseef ykn Yeroo Isa Argachuu Barbaaddan Jettan | 141 |
| 68.Du'aa'ii Namni Soome Yeroo Mana Nama Biraatti Hiike Jechuu Qabu | 142 |
| 69.Du'aa'ii Nama Haxxifateef Godhamu | 143 |
| 70.Du'aa'ii Nama Haar'a Fuudheef Godhamu | 144 |

| Baafata | Fuula |
|---|---|
| 71.Du'aa'ii Nama Fuudhefi Nama Horii Biteef Godhamu | 145 |
| 72.Du'aa'ii Walitti Makama Foonii Dura Godhamu | 147 |
| 73.Du'aa'ii Yeroo Dallansuu Godhamu | 148 |
| 74.Du'aa'ii Yeroo Nama Maaseta Hojjate Argitan Gochuu Qabdan | 149 |
| 75.Du'aa'ii Yeroo Walgahii Godhamu | 150 |
| 76.Du'aa'ii Walgahii Booda Godhamu | 151 |
| 77.Du'aa'ii Nama Haxxifataan 'Rabbi Siif Haa Rahmatu' Jedheef Godhamu | 152 |
| 78.Du'aa'ii Nama Tola Isiniif Ooleef Gootan | 152 |
| 79.Du'aa'ii Fitnaa Masiihud-Dajjaal Irraa Ufeeguuf Godhamu | 153 |
| 80.Du'aa'ii Nama Rabbiif Jecha Si Jaaladha Isiniin Jedheef Gochuu Qabdan | 154 |
| 81.Du'aa'ii Nama Maallaqa Isiniif Kenneef Gootan | 154 |
| 82.Du'aa'ii Yeroo Namni Mallaqa Liqeeffate Isaaf Deebisu Liqeessan Gochuu Qabu | 155 |
| 83.Du'aa'ii Namni Shirkii Ufirratti Sodaate Gochuu Qabu | 156 |
| 84.Du'aa'ii Nama Badhaasa Isiniif kenneef Gochuu Qabdan | 157 |

| Baafata | Fuula |
|---|---|
| 85.Gadditti Akka Hin Amanne Mul'isuuf Jecha Zikrii Godhamu | 158 |
| 86.Du'aa'ii Yeroo Horii Yaabbii, Konkolaataa, Xiyyaarafi kkf Iraa Koran Godhamu | 160 |
| 87.Du'aa'ii Yeroo Imalaaf (Karaa) Bahan Godhamuu | 162 |
| 88.Du'aa'ii Yeroo Ganda ykn Magaalaa Seenan Godhamu | 166 |
| 89.Du'aa'ii Yeroo Gara Gabaa (Suuqii) Seenan Jedhamu | 168 |
| 90.Du'aa'ii Namni Karaa Bahe Maatii Isaatiif ykn Jiraattota Magaalaa keessa Jiruutif Godhu | 170 |
| 91.Du'aa'ii Namni Biyya Ufii Jiru Nama Imala Baheef Godhu | 171 |
| 92.Du'aa'ii Yeroo Waan Ol Fuudhama Qabu Irra Bahaniif bu'an Godhamu | 173 |
| 93.Du'aa'ii Namni Karaa Deemu Yeroo Boqonnaaf (Nyaataaf) Taa'e Godhu | 173 |
| 94.Du'aa'ii Namni Imalarraa Deebi'e Godhu | 174 |
| 95.Du'aa'ii Yero Wanti Nama Gammachiisu ykn Wanti Nama Aarsu Nu Qunnamu Goonu | 176 |
| 96.Faayidaa Nabi Muhammad ﷺ Irratti Salawaata Buusuu | 178 |

| Baafata | Fuula |
|---|---|
| 97.Salaamata Baay'essuu | 179 |
| 98.Du'aa'ii Yeroo Lukkuun Ykn Harreen Iyyu Godhamu | 180 |
| 99.Du'aa'ii Yeroo Saroonni Halkan Dutan Godhamu | 181 |
| 100.Du'aa'ii Nama Arrabsitaniif Godhuu Qabdan | 181 |
| 101.Sirna Ittiin Muslima Tokko Galateeffatan | 182 |
| 102.Du'aa'ii Namni Hajaral Aswadiifi Ruuknal Yamaan Gidduu jiru Dhageessisuu Qabu | 183 |
| 103.Du'aa'ii Yeroo Tabbawwan Safaafi Marwaa Irra Bahan Godhaman | 185 |
| 104. Du'aa'ii Guyyaa Arafaa Godhamu | 188 |
| 105.Zikrii Mash'aral Haraamitti Godhamu | 189 |
| 106.Du'aa'ii Yeroo Jimaara ykn (Boollowwan Minatti Argaman) irratti Dhagaa Darbatan Godhamu | 190 |
| 107.Du'aa'ii Yeroo Hajaral Aswad Irra Gahan Godhamu | 191 |
| 108. Du'aa'ii Diinarratti Godhamu | 192 |
| 109.Du'aa'ii Nama Diina Sodaatef Godhamu | 193 |
| 110.Yeroo Dinqisiifamaniifi Gammadan Wanta Jedhamu | 193 |

| Baafata | Fuula |
|---|---|
| 111.Yeroo Oduu Nama Gammachiisu Dhagayan Wanta Jedhamu | 194 |
| 112.Du'aa'ii Namni Qaamni Isaa Dhukkubu Godhu | 195 |
| 113. Du'aa'ii Namni Ijasaatin Miidhaa Geessa Jechuu Sodaate Godhu | 196 |
| 114.Sirna Galgala Raawwatamu | 196 |
| 115.Zikrii Namni Sirna Hajjii ykn Umraa Irra Jiru Dhageessisu | 197 |
| 116.Zikrii Yeroo Rifannaa Jedham | 199 |
| 117.Yoo Kaafirri Haxxifate DeebiiKennamuuf | 199 |
| 118.Yoo Kaafirri Nagaha Isin Gaafate Deebii Kennamuuf | 200 |
| 119.Namni Soomu Yoo Arrabsame Deebii kennuu Qabu | 201 |
| 120.Yeroo Gumaata Dhiyeessaniifi Qalma Qalan Wanta Jedhamu | 201 |
| 121.Istighfaarafi Tawubaa | 201 |
| 122.Faayidaa Tasbiihaa, Tah'miidaa, Tahliilafi Takbiiraa. | 204 |
| 123.Bifa 'Tasbiiha' Nabiyyii ﷺ | 211 |

قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: ((مثل الذي يذكر ربه والذي لا يذكر ربه مثل الحي والميت)) [البخاري]

**"Fakkeeny nama Gooftaa issaa faarsutiifi nama Gooftaa isaa hin faarsinee fakkeenya jiraafi du'aati"**

**(Bukhaarii)**

# DURSA

Kitaabni xinnoon maqaa "Al-Azkaar" jedhuun qopheessine tuni zikriiwwan yeroofi haala adda addaa keessatti jedhamuu-dhaan faayidaa guddaa kennan qabattee jirti.

Kitaabattii kan qopheessine kitaaba *"Hisnul-Muslim Min Azkaaril-Kitaabi Was-Sunnaa"* jedhamu kan "Sa'iid Ibni Alii Ibni Wahfi Al-Qahxaanin" qoph-eessee maxxanfame gabaabsinee hiikuni.

Rabbiin ﷻ hojiiwwan kee-nna hunda akka nurraa qeebalu,

jannatas akka nuuf birmatuufi ibidda azaabaa jalaa akka nu baasu Isa kadhanna. Aalama tanaafi tan fuunduraaa keessatti fedha keenna akka nuuf kennu Rabbiin ni kadhanna.

**Hiikaa**

# SEENSA

Faarun hundi kan Rabbiiti. Nutis isa galateeffanna. Isatti gargaarsifanna. Araarama Isa gaafanna. Hamtuuwwan nabseen teenya fidduufi hojiiwwan gadhee keenya irraa Rabbitti maganfanna. Nama Rabbiin isa qaj'eelche namni isa jallisu hin jiru. Nama Rabbiin isa jallise ammoo namni qajeelchu hin jiru.

Rabbiin malee gooftaan biraa akka hin jirreefi tokkicha ta'uu Isaa, akkasumas Shariika akka hin qabne ragaa baha. Muhammad ammoo ﷺ gabrichaafi ergamaa Isaa ta'uu

isaanii ragaa baha. Salawaanni Rabbii isaaniifi maatii isaanii akkasumas sahaabota isaanitiifi nama hanga guyyaa qiyaamaatti karaa isaanii hordofe hundarratti haa jiraatu.

Kanatti aansudhaan kitaabni kun kitaaba *"Az-Zikri Wad-Du'aa'i Fil Ilaaji Bir-Ruqaa Minal Kitaabi Ws-Sunnaa"* jedhamu irraa zikrii ilaalchisee kan barreesse gidduu akka namni karaa deemu qabatee deemuu danda'u kan gabaabsee dhiyeesse. Hadiisota dhiyeessef yaada ijoo qofa ibsuudhan nama gabaase jalatti himeera.

Hojii kanaan jaalala Rabbii kan argadhu, jiruu duniyaa irrattis ta'ee erga du'ee booda kan na fayyadu akka ta'u, akkasumas namni dubbise, kan maxxanseefi kan maxxansiise hundi kan itti fayyadamu akka godhu Rabbiin ni kadha. Nageenyi fi rahmanni Rabbii nabiyyicha Isaa, sahaabota isaanitiifi namoota karaa isaanii hordofan hundarratti haa jiraatu.

**Qophwwssaa**

# FAAYDAWWAN ZIKRII

## A. Qur'aanarraa:

قَالَ اللهُ تَعَالَىٰ : ﴿ فَٱذْكُرُونِيٓ أَذْكُرْكُمْ وَٱشْكُرُوا۟ لِي وَلَا تَكْفُرُونِ ﴾ (١)

"Na yaadadhaa, Anis isin yaadadhaa. Anaafis galata galcha, Nan ganinaas." (Baqaraa:152)

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ ٱذْكُرُوا۟ ٱللَّهَ ذِكْرًا كَثِيرًا ﴾

"Yaa warra (Rabbitti) amantan! Rabbiin faaruu hedduun faarsaa." (Al-Ahzaab:41)

﴿ وَالذَّاكِرِينَ اللَّهَ كَثِيرًا وَالذَّاكِرَاتِ أَعَدَّ اللَّهُ لَهُم مَّغْفِرَةً وَأَجْرًا عَظِيمًا ﴾

"Isaan dhiirafi dubartii kan Rabbiin baay'ee faarsan, Rabbiin isaanif araarafi mindaa guddaa qopheesseera." (Al-Ahzaab:35)

﴿ وَاذْكُر رَّبَّكَ فِي نَفْسِكَ تَضَرُّعًا وَخِيفَةً وَدُونَ الْجَهْرِ مِنَ الْقَوْلِ بِالْغُدُوِّ وَالْآصَالِ وَلَا تَكُن مِّنَ الْغَافِلِينَ ﴾

"Gooftaa kee iccitiidhan (isaaf) kufaatiniifi sodaachaa, jecha iyyansaa gadi ta'eenis ganamaafi galgalas isa faarsi, warra 'irraanfatan irraa hin ta'in".(Aal-Imraan:205)

**B. Sunnaa Nabiyyii Rabbii ﷺ Irraa:**

وَقَالَ ﷺ . يَقُولُ اللهُ تَعَالَىٰ: أَنَا عِنْدَ ظَنِّ عَبْدِي بِي، وَأَنَا مَعَهُ إِذَا ذَكَرَنِي، فَإِنْ ذَكَرَنِي فِي نَفْسِهِ ذَكَرْتُهُ فِي نَفْسِي، وَإِنْ ذَكَرَنِي فِي مَلأٍ ذَكَرْتُهُ فِي مَلأٍ خَيْرٍ مِنْهُمْ، وَإِنْ تَقَرَّبَ إِلَيَّ شِبْراً تَقَرَّبْتُ إِلَيْهِ ذِرَاعاً،

وَإِنْ تَقَرَّبَ إِلَيَّ ذِرَاعاً تَقَرَّبْتُ إِلَيْهِ بَاعاً، وَإِنْ أَتَانِي يَمْشِي أَتَيْتُهُ هَرْوَلَةً

"Rabbiin akkana jedha: 'Ani haala gabrichi kiyya Na eegetti argama, yeroo inni Na faarsu Anis isa wajjin ta'a. Yoo inni kophaa isaa Na faarse Anis kophaa kiyya isa yaadadha. Yoo inni ummata keessatti Na faarse Anis ummata isaan caalu keessatti isa yaadadha. Yoo inni hanga ciqilee Natti kalaaye Ani hanga taakkuu itti kalaaya. Yoo inni hanga taakkuu Natti kalaaye ammoo ani hanga taakkuu lamaa itti kalaaya. Yoo

inni suutan gara kiyya dhufe Ani daddaffiin itti deema'"

(Bukhaarii)

وَقَالَ ﷺ : مَنْ قَرَأَ حَرْفاً مِنْ كِتَابِ اللهِ فَلَهُ بِهِ حَسَنَةٌ، وَالْحَسَنَةُ بِعَشْرِ أَمْثَالِهَا، لَا أَقُولُ: ﴿الٓمٓ﴾ حَرْفٌ؛ وَلٰكِنْ: أَلِفٌ حَرْفٌ، وَلَامٌ حَرْفٌ، وَمِيمٌ حَرْفٌ

"Nama kitaaba Rabbii irraa qubee takka qara'e, sanaan mindaa (hasanaa) takka argata. Mindaan takkaan sun ammoo mindaa isii fakkaattu kudhaniin baay'atti. (Kan qur'aana keessatti) "Alif Laam

Miim" (jedhu) qubee (harfii) tokko hin jedhu. Garuu 'Aliif' qubee tokko, 'Laam' qubee tokko, 'Miim' qubee tokko." (Tirmiizii)

وَقَالَ ﷺ : مَا جَلَسَ قَوْمٌ مَجْلِساً لَمْ يَذْكُرُوا اللهَ فِيهِ، وَلَمْ يُصَلُّوا عَلَى نَبِيِّهِمْ إِلَّا كَانَ عَلَيْهِمْ تِرَةٌ، فَإِنْ شَاءَ عَذَّبَهُمْ وَإِنْ شَاءَ غَفَرَ لَهُمْ .(٢)

"Namoonni teessuma wahii taa'anii sana keessatti Rabbiin odoo hin faarsineefi nabiyyii isaanii irratti nagahaafi rahmata odoo hin buufne yoo hafan hoongoon isaanirratti ta'u malee hin hafu. (Rabbiin) yoo

fedhe isaan adaba, yoo fedhe ammoo isaanif araarama."

وَقَالَ ﷺ: «مَثَلُ الَّذِي يذْكُرُ رَبَّهُ وَالَّذِي لَا يَذْكُرُ رَبَّهُ مَثَلُ الحَيِّ وَالمَيِّتِ»

"Fakkeenyi nama Gooftaa isaa faarsutiifi nama Gooftaa isaa hin faarsinee fakkeenya jiraafi du'aati."

(Bukhaarii)

Ergamaan Rabbii ﷺ: "Hunda caalan hojii keessanii, Gooftaa birattis irra qulqulluun, kan sadarkaa keessanis ol fuudhu, Meetafi birrii sadaqachuu irra kan isiniif caalufi diinotii keessaniin walqunnamtanii morma isaanii rukutuufi isaan isin rukutuu kan isiniif caalu isinitti himuu" jechuun

gaafatan. "Rabbii olta'e faarsudha (Zikrii gochuudha.) jedhaniitin deebisaniif. (Tirmiizii)

Akka Abdallaah ibni Busri ﷺ dabarsanitti namni tokko ergamaa Rabbii ﷺ bira dhufuudhaan: "Yaa ergamaa Rabbii! Heerrin Islaamaa natti baay'ataniiru. Wanta xiqqoo yeroo hunda jabeessee qabadhu odoo natti himtanii," jechuun gaafate. Isaanis "Arraba keetin Rabbiin faarsuu irraa uf hin qusatin" jedhaniin. (Tirmiizii)

Uqbaa ibni Aamir ﷺ akkana jechuudhaan dabarsaniiru:
Ergamaan Rabbii ﷺ gara barandaa nuti jala jirruu dhufuudhaan: "Ganama guyyaa hundaa gara

Buxhan ykn Aqiiq deemudhaan odoo maaseta tokkos hin hojjanneefi (fira wajjiinis) odoo wal hin lolle gaalaa dhalaa lama qabee dhufuu namni hin feene jiraa?" jechuun gaafii nuuf dhiyeessan. "Nuti hunduu ni barbaanna yaa ergamaa Rabbii" jenneen. Ergasuu gara masjiidaa deemaa beekumsa fudhaa ykn qur'aanarraa suuraa lama qara'aa. Kun gaala dhalaa lamarra isiniif caala. Suuraa sadi (qara'uunis) gaala dhalaa sadi irra ni caala. Gaala kormaa (dhiira) irras yoo ta'e akkanuma," jechuun nutti himaniiru. (Muslim)

# 1. Zikrii Yeroo Hirriibaa Ka'an Godhamu

الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي أَحْيَانَا بَعْدَ مَا
أَمَاتَنَا وَإِلَيْهِ النُّشُورُ .

**"Alhamdu Lillaahil-lazii Ahyaanaa Ba'ada Maa Amaatanaa Wa Ileeyi hin-Nushuur."**

"Faaruun kan Rabbiiti. Isa erga nu ajjeesee booda nu jiraachise. Kan kaafamnus garuma Isaati."

(Bukhaarii)

## 2. Du'aa'ii Yeroo uffata Godhatan Jedhamu

الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي كَسَانِي هَذَا (الثَّوبَ) وَرَزَقَنِيهِ مِنْ غَيْرِ حَوْلٍ مِنِّي وَلَا قُوَّةٍ . .

"Alhamdu Lillaahillazii Kasaanii Haazaa (Assowba) Warazaqaniihi Min Gheeyri Howlin Minnii Walaa Quwwaa...."

"Faarun kan Rabbiitti. Isa (uffata) kana na uffiseefi dandeettifi humna kiyyaan ala naaf kenne."

(Nasaa'ii malee Sunana keessatti ibsameera)

## 3. Du'aa'ii Yeroo Uffata Haara'a Keewwatan Godhamu

- اللَّهُمَّ لَكَ الْحَمْدُ أَنْتَ كَسَوْتَنِيهِ، أَسْأَلُكَ مِنْ خَيْرِهِ وَخَيْرِ مَا صُنِعَ لَهُ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّهِ وَشَرِّ مَا صُنِعَ لَهُ

**"Allaahumma Lakal-Hamdu Anta kasawtaniihi, As'aluka Min Kheeyrihi Wakheeyri Maa Suni'a Lahuu. Wa A'uuzu Bika Min Sharrihi Wa sharri Maa Suni'a lahuu."**

**"Yaa Raabbi, Faarun Simaafi. Ati (uffata) kana natti uffistee jirta.**

Gaarii uffatichaatifi gaarii wanta uffatichi hojjatameefii irraa Si kadha. Hamtuu uffatichaatifi hamtuu wanta uffatichi hojjatameefii irraa Sitti maganfadha."

(Abuu Daawudiif Tirmiizii)

## 4. Du'aa'ii Nama Uffata Haara'a Argateef Godhamu

« اِلْبِسْ جَدِيداً، وَعِشْ حَمِيداً، وَمُتْ شَهِيداً »(١).

"Ilbas jadiidan, Wa'ish hamiidan, Wamut Shahiidan"

**"(Yeroo hunda) haara'a uffadhu, jiruu kee irratti Rabbii kee galateeffadhu, (yeroo duutu) ammoo shahiida ta'ii du'i."**

## 5. Du'aa'ii Yeroo Uffata Baafatan Jedhamu

**"Bismillaah"** «بِسْمِ اللهِ»

**"Maqaa Rabbiitin"**

## 6. Du'aa'ii yeroo Mana Sagaraa Seenan Jedhamu

«[بِسْمِ اللهِ] اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنَ الْخُبُثِ وَالْخَبَائِثِ» (٣)

"(Bismillaah) Allaahumma Inni A'uuzu Bika Minalkhubsi Wal Khabaa'isi"

"(Maqaa Rabbiitin) Yaa Rabbi, ani sheeyxaana dhiiratiifi sheeyxaana dhalaa irraa Sitti maganfadha."

(Bukhaarii)

## 7. Du'aa'ii yeroo Mana Sagaraatii Bahan Godhamu

"Ghufraanaka" «غُفْرَانَكَ»

"Araarama Keet barbaada"

(Nasaa'ii malee Sunana keessa jira)

## 8. Zikrii Wuduu'a Dura Jedhamu

"Bismillaah" «بِسْمِ اللهِ»

"Maqaa Rabbiitin (jalqaba)."
(Abuu Daawudiifi Ibni Maajaah)

## 9. Zikrii Erga Wuduu'a Geessanii Booda Godhamu

أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَـٰهَ إِلَّا اللهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ وَأَشْهَدُ أَنَّ مُحَمَّداً عَبْدُهُ وَرَسُولُهُ..

«اللَّهُمَّ اجْعَلْنِي مِنَ التَّوَّابِينَ وَاجْعَلْنِي مِنَ الْمُتَطَهِّرِينَ»

**"Ashihadu An Laa Ilaaha Illallaah, Wahdahuu Laa Shariika Lahuu,**

Wa Ashihadu Anna Muhammadan Abduhuu Warasuuluhu... Allaahumma Ij'alnii Minat-Tawwaabiina Waj'alnii Minal mutaxahhiriin."

"Rabbiin malee gooftaan dhugaa akka hinjirreefti Inni tokkicha shariika hin qabne ta'uu ragaa baha. Muhammad ammoo gabrichaafi ergamaa Isaa ta'uu ragaa baha. Yaa Rabbi, warra gara kee deebi'an irraa na taasisi. Akkasumas warra qulqullaayan irraa na taasisi." (Tirmiizii)

## 10. Du'aa'ii Yeroo Manaa Bahan Godhamu

«بِسْمِ اللهِ، تَوَكَّلْتُ عَلَىٰ اللهِ،

وَلَا حَوْلَ وَلَا قُوَّةَ إِلَّا بِاللهِ»

"Bismillaahi, Tawakkaltu Alallaahi, Walaa Hawla Walaa Quwwata Illaa Billaah"

"Maqaa Rabbiitin Rabbirratti irkadhe, Gargaara Rabbiitin malee ani beekumsaafi humna hin qabu."
(Abuu Daawudiifi Tirmiizii)

## 11. Zikrii Yeroo Mana Seenan Jedhamu

- «بِسْمِ اللهِ وَلَجْنَا، وَبِسْمِ اللهِ خَرَجْنَا، وَعَلَى اللهِ رَبِّنَا تَوَكَّلْنَا، ثُمَّ لِيُسَلِّمْ عَلَى أَهْلِهِ»

"Bismillaahi Walajnaa, Wabismillaahi Kharajnaa, Wa Alaa Rabbinaa Tawakkalnaa"

"Maqaa Rabbiitin seenne. Maqaa Rabbiitin Baanas. Gooftaa keenya irrattis irkanne." (Abuu Daawud)

## 12. Du'aa'ii Yeroo Gara Masjiidaa Deeman Jedhamu

«اللَّهُمَّ اجْعَلْ فِي قَلْبِي نُورًا، وَفِي لِسَانِي نُورًا، وَاجْعَلْ فِي سَمْعِي نُورًا، وَفِي بَصَرِي نُورًا، وَاجْعَلْ مِنْ خَلْفِي نُورً، وَمِنْ أَمَامِي نُورًا، وَاجْعَلْ مِنْ

فَوْقِي نُورًا، وَمِنْ تَحْتِي نُورًا، اللّٰهُمَّ
أَعْطِنِي نُورًا»

"Allaahumma Ij'al Fii Qalbii Nuuran, Wafii Lisaanii Nuuran, Waj'al Fii Sam'ii Nuuran, Wafii Basarii Nuuran, Waj'al min Khalfii Nuuran, Wamin Amaamii Nuuran, Waj'al Min Fowqii Nuuran, Wamin Tahtii Nuuran, Allaahumma A'axinii Nuuraa."

"Yaa Rabbi, onnee tiyya keessatti ifnana, arraba kiyya keessattis ifnana taasisi. Gurra kiyya keessattis ifnana taasisi, Ija kiyya keessattis ifnana taasisi. Duuba kiyyattis ifnana taasisi. Fuundura kiyyattis ifnana taasisi. Gubbaa

kiyyattis, jala kiyyattis ifnana taasisi. Yaa Rabbi, ifnana naaf kenni." (Bukhaari)

## 13. Du'aa'ii Yeroo Masjida Seenan Godhamu

- أَعُوذُ بِاللهِ الْعَظِيمِ، وَبِوَجْهِهِ الْكَرِيمِ، وَسُلْطَانِهِ الْقَدِيمِ، مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ

"A'uuzu Billaahil Aziim Wabii-wajhihil Kariim Wasulxaanihil Qadiim Minish-Sheeyxaanir-Rajiim"

"Rabbii Guddaafi Zaata (Qaama) Isaa kan olta'een, akkasumas

taayitaa Isaa kan waan hunda dursuun sheeyxaana abaarame irraa (Rabbitti) maganfadha.."

[بِسْمِ اللهِ، وَالصَّلَاةُ](1) [وَالسَّلَامُ عَلَىٰ رَسُولِ اللهِ](2) اللَّهُمَّ افْتَحْ لِي أَبْوابَ رَحْمَتِكَ (3)

"Bismillaahi Wassalaatu Wassalaamu Alaa Rasuulillaahi. Allaahumma Iftah Lii Abwaaba Rahmatika"

"Maqaa Raabbitin (seena). Nagaafi rahmanni Rabbii ergamaa isaa irratti haa jiraatu. Yaa Rabbi, balabala rahmata keetii naaf bani."

## 14. Du'aa'ii Yeroo Masjiidaa Bahan Godhamu

- بِسْمِ اللهِ وَالصَّلَاةُ وَالسَّلَامُ عَلَىٰ رَسُولِ اللهِ، اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ مِنْ فَضْلِكَ، اللَّهُمَّ اعْصِمْنِي مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ

"Bismillaahi Wassalaatu Wassalaamu Alaa Rasuulillaah. Allaahumma Innii As'aluka Min Fadhilika. Allaahumma A'asimnii Minashsheeyxaanir-Rajiim."

"Maqaa Rabbiitin (baha) Nagaafi rahmanni ergamaa Rabbii irratti haa jiraatu. Yaa Rabbi, ani ni'imaa kee irraa si kadha. Yaa Rabbi,

sheeyxaana abaarame irraa na qulqulleessi." (Abuu Daawud)

## 15. Du'aa'iwwan Azaanaa

Waan namni 'azaana' godhu jedhu irra deebitanii gochuudhan Rabbiin faarsaa. Yeroo namni 'azaana' godhu:

فِي حَيَّ عَلَى الصَّلَاةِ وَحَيَّ عَلَى الْفَلَاحِ

"Hayya Alas-Salaah, Hayya Alal Falaah" jedhu isin akka asii gadii jechuun deebisaa.

فَيَقُولُ: لَا حَوْلَ وَلَا قُوَّةَ إِلَّا بِاللهِ

"Laa Howla Walaa Quwwata Illaa Billaah" (Bukhaarii)

Itti aansudhaanis

وَأَنَا أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَـٰهَ إِلَّا
اللهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ وَأَنَّ مُحَمَّداً عَبْدُهُ
وَرَسُولُهُ، رَضِيتُ بِاللهِ رَبّاً، وَبِمُحَمَّدٍ
رَسُولاً، وَبِالْإِسْلَامِ دِيناً

"Wa'ana Ashihadu An Laa Ilaaha Illallaah, wahdahu Laa Shariika Lahu, Wa'anna Muhammadan Abduhu Warasuuluhu, Radiitu Billaahi Rabban, Wabi Muhammadin Rasuulan, Wabil Islaami Diinaa" jedhaa.

"Rabbiin malee gooftaan dhugaa jirre, tokkicha ta'uu Isaatifi shariika kan hinqabne ta'uu,

akkasumas Muhammad gabrichaafi ergamaa Isaa ta'uu ragaa baha. Rabbiin gooftaa ta'uu, Muhammad ergamaa ta'uu Islaamni amantii ta'uu jaaladheera." (Muslim)

Akkuma geessitaniin du'aa'ii kanatti aanu dabalaa:

اللَّهُمَّ رَبَّ هٰذِهِ الدَّعْوَةِ التَّامَّةِ، وَالصَّلاَةِ الْقَائِمَةِ، آتِ مُحَمَّداً الْوَسِيلَةَ وَالْفَضِيلَةَ، وَابْعَثْهُ مَقَاماً مَحْمُوداً الَّذِي وَعَدْتَهُ، [إِنَّكَ لاَ تُخْلِفُ الْمِيعَادَ]

"Allaahumma Rabba Hazihid-Da'awatit-Taammaa, was-Salaatil Qaa'imah, Aati Muhammadan Al-

wasiilati Wal Fadiilah, Wab'asihu Maqaaman Mahmuudan, Allazii Wa'adtahu (Innaka Laa Tukhliful Mii'aad)."

"Yaa Rabbi, Gooftaa waamichattii guutuu tanaatifi salaatattii sagadamuuf jirtu tanaa, Muhammadiifi jannatoota 'Wasiilaa'fi 'Fadiilaa' jedhaman kenniif. Sadarkaa faarfamaa waadaa galteef irratti (du'a boodan) isaan kaasi. Ati waadaa galte kan hin diigne waan ta'eef." (Bukhaarii)

Yaadannoo: Du'aa'in gidduu *'azaana'* fi *'iqaamaa'* godhamu Rabbiin biratti kan fudhatama qabu ta'uu hadiisni Tirmiiziin, Abuu Daawudiifi Ahmad gabaasan ni ibsa.

**Kanaaf yeroo sana keessa du'aa'itti jabaachun barbaachisaadha.**

## 16. Du'aa'ii Seensa Salaataa

**سُبْحَانَكَ اللّٰهُمَّ وَبِحَمْدِكَ، وَتَبَارَكَ اسْمُكَ، وَتَعَالَىٰ جَدُّكَ، وَلَا إِلٰهَ غَيْرُكَ**

**"Subhaanaka Allaahumma wabi-hamdika, Watabaarakasmuka, Wata'aalaa Jadduka Walaa Ilaaha Gheeyruka."**

"Yaa Rabbi, Ati (hirdhuu hundarraa) qulqulloofte faarunis keetumma. Maqaan keetis qulqull-

aaye. Taayitaan Keetis olta'e. Si malee giiftaan dhugaa hin jiru"

(Tirmiizii)

## 17. Du'aa'ii Rukuu'arratti Godhamu

سُبْحَانَ رَبِّيَ الْعَظِيمِ ثَلَاثَ مَرَّاتٍ

A) "Subhaana Rabbiyal Aziim"

(yeroo sadi)

"Rabbii Guddaa ta'e (hirdhuu hundarraa) qulqullaayera."

(Sunana keessatti galmaayeera)

سُبُّوحٌ، قُدُّوسٌ، رَبُّ الْمَلَائِكَةِ وَالرُّوحِ

B) "Subbuuhun Qudduusun Rabbul Malaa'ikati War-Ruuh"

"Gooftaan Malaa'ikotaatifi Jibriil (hirdhuu hundarraa) qulqullaayaa ulfaataa ta'e." (Muslim)

## 18. Du'aa'ii Yeroo Rukuu'arraa Ka'an Jedhamu

سَمِعَ اللهُ لِمَنْ حَمِدَهُ

A) "Sami'allaahu Liman Hamidah"

"Rabbiin nama Isa galateeffate jalaa ni dhagaya (irraa qeebala)." (Bukhaarii)

رَبَّنَا وَلَكَ الْحَمْدُ، حَمْداً كَثِيراً

طَيِّباً مُبَارَكاً فِيهِ

B) "Rabbanaa Walakal Hamdu, Hamdan Kasiiran, Xayyiban, Mubaarakan Fiihi."

"Gooftaa keenya, faarun hundis keetuma. Faaruun baay'een, gaariin, barakaan isa keessa jiru."
(Bukhaarii)

## 19. Du'aa'ii Yeroo Sujuudaa Godhamu

سُبْحَانَ رَبِّيَ الأَعْلَى ثلاث مرّات

A) "Subhaana Rabbiyal A'ilaa"
(yeroo sadi)

"Gooftaan kiyya kan Olta'e qulqullaaye."
(Sunana keessatti galmaaye)

«اللَّهُمَّ لَكَ سَجَدْتُ وَبِكَ آمَنْتُ، وَلَكَ أَسْلَمْتُ، سَجَدَ وَجْهِيَ لِلَّذِي خَلَقَهُ، وَصَوَّرَهُ، وَشَقَّ سَمْعَهُ وَبَصَرَهُ، تَبَارَكَ اللهُ أَحْسَنُ الْخَالِقِينَ»

B) "Allaahumma Laka Sajadtu, Wabika Aamantu, Walaka Aslamtu, Sajada Wajhii Lillazii Khalaqahu, Wasawwarahu, Washaqqa Sam'ahu, Wabasarahu, Tabaara-kallaahu Ahsanul Khaaliqiin"

"Yaa Rabbi, Sujuuda siif godhe, Siif tole jedhe, Fuulli kiyya (Rabbii) isa uumef, kan tolchee isa bareechef, kan gurraafi ija irratti uumef sujuuda bu'eera. Rabbiin tolchee waan hunda uumu baay'ee ulfaatadha." (Muslim)

## 20. Du'aa'ii Sujuudota Lamaan Giddutti Godhamu

"رَبِّ اغْفِرْ لِي رَبِّ اغْفِرْ لِي"

A) "Rabbighfirlii, Rabbighfirlii"

"Gooftaa kiyya, naaf araarami"

(al lama)

«اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي، وَارْحَمْنِي، وَاهْدِنِي، وَاجْبُرْنِي، وَعَافِنِي، وَارْزُقْنِي، وَارْفَعْنِي»

B) "Allaahumma Ighfirlii, Warhamnii, Wahdinii, Wajburnii, Wa'aafinii, Warzuqnii, Warfa'anii."

"Yaa Rabbi, naaf araarami, rahmata naaf godhi, na qajeelchi, na suphi, fayyaa naaf kenni, rizqii naaf kenni, sadarkaa kiyyas ol kaasi."

## 21. Du'aa'ii Sajdatat-Tilaawaa Irratti Godhamu.

«سَجَدَ وَجْهِيَ لِلَّذِي خَلَقَهُ،
وَشَقَّ سَمْعَهُ وَبَصَرَهُ بِحَوْلِهِ وَقُوَّتِهِ،
﴿فَتَبَارَكَ اللَّهُ أَحْسَنُ الْخَالِقِينَ﴾ »

"Sajada Wajhii Lillazii khalaqahu, Washaqqa Sam'ahu Wabasarahu Bihowlihi Waquwwatihi, Fatabaar-akallaahu Ahsanul khaaliqiin."

"Fulli kiyya Rabbii beekumsaafi dandeettii Isaatin iIsa uumee, gurraafi ijas isaaf baqayseef

sujuuda bu'a. Rabbiin akkaan waa tolchee uumu Ulfaateera."(Tirmiizii)

## 22. Tashahhuda

التَّشَهُّدُ

التَّحِيَّاتُ لِلَّهِ، والصَّلَوَاتُ، وَالطَّيِّبَاتُ، السَّلَامُ عَلَيْكَ أَيُّهَا النَّبِيُّ وَرَحْمَةُ اللهِ وَبَرَكَاتُهُ، السَّلَامُ عَلَيْنَا وَعَلَىٰ عِبَادِ اللهِ الصَّالِحِينَ. أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَٰهَ إِلَّا اللهُ وَأَشْهَدُ أَنَّ مُحَمَّداً عَبْدُهُ وَرَسُولُهُ

"Attahiyyaatu Lillaahi, Wassalawaatu, Waxxayyibaatu; Assalaamu

Aleeyka Ayyuhan-Nabiyyu Warahmatullaahi Wabarakaatuhu, Assalaamu Aleeynaa Wa'alaa Ibaadillaahis-Saalihiin. Ashihadu An Laa Ilaaha Illallaah, Wa'ashihadu Anna Muhammadan Abduhu Warasuuluhu."

"Nageenyi (Kamillee) kan Rabbiiti. Salaatonni (yeroo shaniiti) fi wanti gaggaarin hundis. Nagaafi rahmanni Rabbii akkasumas kabajaan Isaas sirratti haa jiraatu yaa nabiyyii (Rabbii). Nageenyi nuufi gabroota gaggaarii Rabbii hundarratti haa jiraatu. Rabbiin malee gooftaan biraa akka hinjirre ragaa baha. Muhammad gabrichaafi ergamaa Rabbii ta'uu isaas ragaa baha."

(Bukhaarii fi Muslim)

## 23. Salaat Alan-Nabii Tashahhuda Booda Dubbifamu

الصَّلاةُ عَلَى النَّبِيِّ ﷺ بَعْدَ التَّشَهُّدِ

اللَّهُمَّ صَلِّ عَلَىٰ مُحَمَّدٍ وَعَلَىٰ آلِ مُحَمَّدٍ، كَمَا صَلَّيْتَ عَلَىٰ إِبْرَاهِيمَ وَعَلَىٰ آلِ إِبْرَاهِيمَ، إِنَّكَ حَمِيدٌ مَجِيدٌ، اللَّهُمَّ بَارِكْ عَلَىٰ مُحَمَّدٍ وَعَلَىٰ آلِ مُحَمَّدٍ كَمَا بَارَكْتَ عَلَىٰ إِبْرَاهِيمَ وَعَلَىٰ آلِ إِبْرَاهِيمَ، إِنَّكَ حَمِيدٌ مَجِيدٌ

"Allaahumma Salli Alaa Muhammadin Wa'alaa Aali Muhammadin Kamaa Salleeyta

Alaa Ibraahiima wa'alaa aali Ibraahiima Innaka Hamiidun Majiid. Allaahumma Baarik Alaa Muhammadin Wa'alaa Aali Muhammadin Kamaa Baarakta Alaa Ibraahiima Wa'alaa Aali Ibraahima Innaka Hamiidun Majiid."

"Yaa Rabbi, Muhammadiifi maatii Muhammad irratti nagaa buusi, akkuma Ibraahimiifi maatii Ibraahiim irratti nagaa buufte -Ati faarfamaa, mootii waan taateef. Yaa Rabbi, Muhammadiifi maati Muhammad irrattiifi rahmata taasisi, akkuma Ibraahimiifi maatii Ibraahiim irratti rahmata taasiste -Ati faarfamaa, mootii waan taateef." (Bukhaarii)

## 24. Du'aa'ii Tashahhuda Boodan Odoo Salaata Hin Xumurin Dura Godhamu

الدعاء بعد التشهد الأخير قبل السلام

«اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنْ عَذَابِ الْقَبْرِ، وَمِنْ عَذَابِ جَهَنَّمَ، وَمِنْ فِتْنَةِ الْمَحْيَا وَالْمَمَاتِ، وَمِنْ شَرِّ فِتْنَةِ الْمَسِيحِ الدَّجَّالِ».

A) "Allaahumma Innii A'uuzu Bika Min Azaabil Qabri, Wamin Azaabi Jahannama, Wamin Fitnatil Mahyaa Walmamaati, Wamin Sharri Fitnatil Masiihid-Dajjaal."

"Yaa Rabbi, ani azaaba qabrii irraa, azaaba jahannam irraa, fitnaa

jiruufi du'aa irraa, jallinaa fitnaa masihud-Dajjaal irraa sitti maganfadha."

اللَّهُمَّ إِنِّي ظَلَمْتُ نَفْسِي ظُلْماً كَثِيراً، وَلَا يَغْفِرُ الذُّنُوبَ إِلَّا أَنْتَ، فَاغْفِرْ لِي مَغْفِرَةً مِنْ عِنْدِكَ وَارْحَمْنِي إِنَّكَ أَنْتَ الْغَفُورُ الرَّحِيمُ

B) "Allaahumma Innii Zalamtu Nafsii Zulman Kasiiran, Walaa Yaghfiruz-Zunuuba Illaa Anta. Faghfirlii Maghfiratan Min Indika Warhamnii Innaka Antal Ghafuurur-Rahiim."

"Yaa Rabbi, ani nafsee tiyya miidhaa heddu miidheera. Maaseta kan araaramu ammoo simalee hin jiru. Araara Sibiraa ta'e naaf araarami. Rahmata naaf godhi. Ati araaramaafi rahmata godhaan sima waan ta'eef." (Bukhaarii)

اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ الْجَنَّةَ وَأَعُوذُ بِكَ مِنَ النَّارِ

C) "Allaahumma Inni As'alukal Jannata Wa A'uuzu Bika Minan-Naar."

"Yaa Rabbi, ani jannata Si kadha. Ibidda irraa ammoo Sitti maganfadha."

(Abuu Daawudiifi Ibni Maajaah)

## 25. Zikriiwwan Salaata Booda Godhaman

أَسْتَغْفِرُ اللهَ (ثلاثا) اللَّهُمَّ أَنْتَ

السَّلَامُ، وَمِنْكَ السَّلَامُ، تَبَارَكْتَ يَا ذَا

الْجَلَالِ وَالإِكْرَامِ

A) "Astaghfirullaah" "Allaahumma Antas-Salaamu Waminkas-Salaamu Tabaarakta Yaa Zal-Jalaali Wal Ikraam."

"Araara Rabbit barbaada" (al sadi)

"Yaa Rabbi, Ati nagaa dha. Nageenyi kan argamus Simarraayi. Yaa Abbaa gudinaafi arjummaa, Ati qulqulloofte." (Muslim)

لَا إِلٰهَ إِلَّا اللهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ، اللَّهُمَّ لَا مَانِعَ لِمَا أَعْطَيْتَ، وَلَا مُعْطِيَ لِمَا مَنَعْتَ، وَلَا يَنْفَعُ ذَا الْجَدِّ مِنْكَ الْجَدُّ

B) "Laa Ilaaha Illallaah Wahdahu Laa shariika Lahu, Lahul Mulku Walahul Hamdu wahuwa Alaa Kulli

Sheey'in Qadiir. Allaahumma Laa Maani'a Limaa A'ixeeyta Walaa Mu'uxiya Limaa mana'ita, Walaa Yanfa'u Zal Jaddi Minkal Jaddu."

"Rabbiin malee gooftaan dhugaa hin jiru. Inni tokkicha, shariika hin qabu. Inni waan hundarratti danda'aadha. Yaa Rabbi, nama Ati kenniteef eenyullee hin dhoorgatu, Nama Ati dhoorgatte ammoo namni kennuuf hin jiru. Qabeenyi fi Olaantummaan homaa hin fayyadu. Qabeenyifi Olaantummaan sunis Simarraayi," (Bukhaarii)

«سُبْحَانَ اللهِ»

C) "Subhaanallaah" (Rabbiin qulqulllayye) -al soddomii asadi

وَالْحَمْدُ لِلّٰهِ ،

"Wal Hamdullillaah" (Faarun kan Rabbiiti)- al soddomii sadi

وَاللهُ أَكْبَرُ

"Wallaahu Akbar" (Rabbi guddaadha)- al soddomii sadi.

Itti aansee:-

لَا إِلٰهَ إِلَّا اللهُ وَحْدَهُ
لَا شَرِيكَ لَهُ ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ
عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ،

**"Laa Ilaaha Illallaah Wahdahu Laa Shariika Lahu, Lahul Mulku Walahul Hamdu Wahuwa Alaa Kulli Sheey'in Qadiir."** jedhaa.

"Rabbiin malee gooftaan dhugaa hin jiru. Inni tokkicha, Shariika hin qabu. Taayitaanis kan Isaati. Faarunis kan Isaati. Inni waan hundarratti danda'aadha." (Muslim)

D) "Suurawwan *'Qul Huwallaahu Ahad'*, *'Qul A'uuzu Birabbil Falaqi'* fi *'Qul A'uuzu Birabbin-Naas'* salaata hundaa boodan al tokko tokko qara'aa. Salaatota Maghriibafi Subhii booda garuu al sadi sadi qara'aa."

(Abuu Daawudiifi Nasaa'ii)

E) Salaata hundaa boodan *"Aayatal Kursii"* qara'aa.

## 26. Du'aa'ii Salaata Istikhaaraa (Filannoo)

Jaabir ibni Abdallaah ﵁ akka dubarsanitti "Ergamaan Rabbii ﷺ akkuma aayatoota qur'aanaa nubarsiisan Salaata Istikhaaraas (salaata waan gaarii filachuuf sagadamu) nubariisaa turan. Yeroo wanti nu yaachisu tokko nu qannamu salaata raka'aa lamaa kan salaatota fardiitin ala ta'an akka sagannuufi du'aa'ii kanatti aanus akka goonu nubarsiisaniiru" jedhu.

اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْتَخِيرُكَ
بِعِلْمِكَ، وَأَسْتَقْدِرُكَ بِقُدْرَتِكَ، وَأَسْأَلُكَ
مِنْ فَضْلِكَ الْعَظِيمِ، فَإِنَّكَ تَقْدِرُ وَلَا أَقْدِرُ،
وَتَعْلَمُ، وَلَا أَعْلَمُ، وَأَنْتَ عَلَّامُ الْغُيُوبِ،
اللَّهُمَّ إِنْ كُنْتَ تَعْلَمُ أَنَّ هَذَا الْأَمْرَ
وَيُسَمِّي حَاجَتَهُ - خَيْرٌ لِي فِي دِينِي
وَمَعَاشِي وَعَاقِبَةِ أَمْرِي - أَوْ قَالَ: عَاجِلِهِ
وَآجِلِهِ - فَاقْدُرْهُ لِي وَيَسِّرْهُ لِي ثُمَّ بَارِكْ
لِي فِيهِ، وَإِنْ كُنْتَ تَعْلَمُ أَنَّ هَذَا الْأَمْرَ
شَرٌّ لِي فِي دِينِي وَمَعَاشِي وَعَاقِبَةِ أَمْرِي

ـ أَوْ قَالَ : عَاجِلِهِ وَآجِلِهِ ـ فَاصْرِفْهُ عَنِّي وَاصْرِفْنِي عَنْهُ وَاقْدُرْ لِيَ الْخَيْرَ حَيْثُ كَانَ ثُمَّ أَرْضِنِي بِهِ '

"Allaahumma Innii Astakhiiruk Bi'ilmika, Wa Astaqdiruka Biqudratika, Wa As'aluka Min Fadhlikal Aziim, FaInnaka Taqdiru Walaa Aqdiru, Wata'alamu Walaa A'alamu, Wa Anta Allaamul Ghuyuub. Allaahumma Inkunta Ta'alamu Anna Haazal Amra - *wayusammaa haajatahu-* Kheeyrun Lii Fii Diinii, Wama'aashii, Wa'aaqibati Amrii -Aw Qaala Aajilahu Wa'aajilahu- Faqdurhu Lii, Wayassirhu Lii, Summa Baarik Lii Fiihi. Wa'in Kunta Ta'alamu Anna Haazal Amra Sharrun Lii Fii Diinii, Wama'aashii, Wa'aaqibati

Amrii -Aw Qaala Aajilahu Wa'aajlahu- Fasrifhu Anni Wasrifnii Anhu, Waqdur Lii Al-Kheera Heeysu Kaana, Summa Ardinii Bihi."

"Yaa Rabbi, ani bekumsa keetin akka naaf filtu sikadha Dandeettii guutuu akka qabdus ni amana. Qabeenya guddaa Kee irraayis Sikadha. Ati ni dandeetta, ani garuu hin danda'u. Ati ni beekta, ani garuu hin beeku. Ati waan kaluu hin jirre hunda beekaa waan taateef. Yaa Rabbi, wanti kun (dhimma isaa ibsee) amantii kiyyaaf, jireenya kiyyaafi booddee kiyyaafis gaarii yoo ta'e naaf murteessı, naaf laaffisis, isa keessatti barakaa naaf taasisi. Dhimmi kun amantii kiyyaaf,

jireenya kiyyaafi booddee kiyyaaf badaa (sharrii) yoo ta'e narraa fageessi, anas isarraa fageessi. Waan naaf gaarii ta'e iddoo kamittuu naaf murteessi, ergasii isa na jaalachiisi." (Bukhaarii)

Dhugumatti namni Rabbiin filachiisefi mu'uminoota mari'achiisee ergasii murticha irratti kutate hin saalfatu. Rabbiin ﷻ akkana jedha:

**"Waan hundaa keessattis isaan mari'achiisi. Erga yaada murteessitee boodas Rabbirratti irkadhu."**

(Aal Imraan: 159)

# 27. Zikrii Ganamaafi Galgalaa

## 27.1. Zikrii Ganamaa

((أَصْبَحْنَا وَأَصْبَحَ الْمُلْكُ للهِ وَالْحَمْدُ لِلَّهِ، لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ، رَبِّ أَسْأَلُكَ خَيْرَ مَا فِي هَذَا الْيَوْمِ وَخَيْرَ مَا بَعْدَهُ وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّ مَا فِي هَذَا الْيَوْمِ وَشَرِّ مَا بَعْدَهُ، رَبِّ أَعُوذُ بِكَ مِنَ الْكَسَلِ، وَسُوءِ الْكِبَرِ، رَبِّ أَعُوذُ بِكَ مِنْ عَذَابٍ فِي النَّارِ وَعَذَابٍ فِي الْقَبْرِ))

"Asbahanaa Wa'asbahal Mulku Lillaahi, Wal Hamdu Lillaahi, Laa Ilaaha Illallaah, Wahdahu, Laa Shariika Lahu. Lahul Mulku Walahul Hamdu Wahuwa Alaa Kulli Sheey'in Qadiir. Rabbi As'aluka Kheeyira Maa Fii Haazal Yowmi, Wa Kheeyira Maa Ba'aadahu, Wa A'uuzu Bika Min Sharri Haazal Yawmi Washarri Maa Ba'adahu. Rabbi A'uuzu Bika Minal Kasali, Wasuu'il Kibri. Rabbi A'uuzu Bika Min Azaabin Fin-Naari, Wa'azaabin Fil Qabri."

"Nuti bariisifanneerraa Taayitaanis kan Rabbii ta'ee buleera. Faarun kan Rabbiiti. Rabbiin malee gooftaan dhugaa hin jiru. Inni tokkicha, shariika hin qabu. Taayitaan kan Isaati. Faarunis kan Isaati. Inni waan hundarrattuu

danda'aadha. Gooftaa kiyya, wanta gaarii guyyaa kanaatifi wanta gaarii guyyaa kana boodaa Si kadha. Sharrii guyyaa kanaatifi sharrii guyyaa kana boodaa irraa sitti maganfadha. Gooftaa kiyyaa dadhabaa ta'uufi hamtuu boonaa irraa sitti maganfadha. Gooftaa kiyya, ibidda keessatti adabamuufi qabrii keessatti adabamuu irraa sitti maganfadha." (Muslim)

«اللَّهُمَّ بِكَ أَصْبَحْنَا، وَبِكَ أَمْسَيْنَا(٢)، وَبِكَ نَحْيَا، وَبِكَ نَمُوتُ وَإِلَيْكَ النُّشُورُ»

"Allaahumma Bika Asbahnaa, Wabika Amseeynaa, Wabika Nahyaa, Wabika Namuutu, Wa Ileeykan-Nushuur."

"Yaa Rabbi, Simaan bariisifanne, Simaan dhiisifannes. Simaan jiraanne, Simaan duunas. Garuma keetti deebinas."

**27.2 Zikrii Galgalaa**

«أَمْسَيْنَا وَأَمْسَى الْمُلْكُ لِلَّهِ وَالْحَمْدُ لِلَّهِ، لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ، رَبِّ أَسْأَلُكَ خَيْرَ مَا فِي هَذِهِ اللَّيْلَةِ وَخَيْرَ مَا بَعْدَهَا وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ

شَرِّ مَا فِي هَذِهِ اللَّيْلَةِ وَشَرِّ مَا بَعْدَهَا،
رَبِّ أَعُوذُ بِكَ مِنْ عَذَابٍ فِي النَّارِ
وَعَذَابٍ فِي الْقَبْرِ»

"Amseeyna Wa'amsaa Al Mulku Lillaahi, Wal Hamdu Lillaah, Laa Ilaaha Illallaahu Wahdahu Laa Shariika Lahu, Lahul Mulku Walahul Hamdu Wahuwa Alaa Kulli Sheey'in Qadiir. Rabbi As'aluka, Kheeyira Maa Fii Haazihil-Leeylati, Wa Kheeyira Maa Ba'adahaa. Wa'auuzu Bika Min Sharri Haazihil-Leeylati, Wa Sharri Maa Ba'adahaa. Rabbi A'uuzu Bika Minal Kasali, Wasuu'il Kibri. Rabbi A'uuzu Bika Min Azaabin Fin-Naari, Wa Azaabin Fil Qabri."

"Nuti galgala geenyee, Taayitaanis kan Rabbii ta'ee dhiisifate. Faarun kan Rabbiiti. Rabbiin malee gooftaan biraa hin jiru. Inni tokkicha shariika hin qabu. Taayitaan kan Isaati, Faarunis kan Isaati. Inni waan hundaa irratti danda'aadha. Gooftaa kiyya wanta gaarii halkan kana keessatiifi wanta gaarii isii boodaa irraa Sikadha. Sharrii halkan kanaatifi sharri isa boodaa irraa sitti maganfadha. Gooftaa kiyya, dadhabaa ta'uu fi hamtuu boonaa irraa sitti maganfadha. Gooftaa kiyya, adaba ibidda keessatiifi adaba qabrii keessaa irraa Sitti maganfadha."

(Muslim)

«اللَّهُمَّ بِكَ أَمْسَيْنَا وَبِكَ أَصْبَحْنَا، وَبِكَ نَحْيَا، وَبِكَ نَمُوتُ وَإِلَيْكَ الْمَصِيرُ»

"Allaahumma Bika Amseeynaa Wa Bika Asbahnaa Wabika Nahyaa Wabika Namuutu Wa Ileeykal Masiir."

"Yaa Rabbi, Simaan dhiisifanne, Simaan bariisifanne, Simaan jiraanne, Simaan duuna, Garuma keetti deebinas." (Tirmiizii)

A) Du'aa'iwwan Rabbiin araarama ittiin kadhannu keessaa kan kanatti aanu hangafa ta'uun nabi Muhammadiin ﷺ ibsameera:

«اللَّهُمَّ أَنْتَ رَبِّي لَا إِلَٰهَ إِلَّا أَنْتَ، خَلَقْتَنِي وَأَنَا عَبْدُكَ، وَأَنَا عَلَىٰ عَهْدِكَ وَوَعْدِكَ مَا اسْتَطَعْتُ، أَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّ مَا صَنَعْتُ، أَبُوءُ(٤) لَكَ بِنِعْمَتِكَ عَلَيَّ، وَأَبُوءُ بِذَنْبِي فَاغْفِرْ لِي فَإِنَّهُ لَا يَغْفِرُ الذُّنُوبَ إِلَّا أَنْتَ»

"Allaahumma Anta Raboii Laa Ilaaha Illaa Anta Khalaqtanii Wa'ana Abduka, Wa'ana Alaa Ahdika, Wawa'adika Mastaxa'atu, A'uuzu Bika Min Sharri Maa Sana'atu, Abuu'u Laka Bini'imatika Alayya, Wa'abuu'u Bizanbii,

Faghfir Lii Fa'innahu Laa Yaghfiruz-Zunuuba Illaa Anta."

"Yaa Rabbi, Gooftaan kiyya Sima. Simalee gooftaan biraa hin jiru. Na'uumtee jirta. Ani gabricha Keeti. Ani hanga danda'een waadaafi ajaja kee (guutuu) irra jira. Sharrii hojjadhe irraa Sitti maganfadha. Naaf araarami, waan Simalee kan maaseta hojjatameef araaramu hin jirreef." (Bukhaarii)

"سُبْحَانَ اللهِ وَبِحَمْدِهِ: عَدَدَ خَلْقِهِ، وَرِضَا نَفْسِهِ، وَزِنَةَ عَرْشِهِ وَمِدَادَ كَلِمَاتِهِ" (ثَلَاثَ مَرَّاتٍ إِذَا أَصْبَحَ)

B) "Subhaanallaah Wabihamdihi Adada Khalqihi, Waridaa Nafsihii Wazinata Arshihi, Wa Midaada Kalimaatihi.".

"Rabbiin qulqulluufi faarafamaadha, baayina uumama Isaantin, hanga Ufii jaalateen, hanga bareedumaa arshii Isaatin, hanga baayina jechoota Isaatin." (Al Sadi)

"سُبْحَانَ اللهِ وَبِحَمْدِهِ" (مِائَةَ مَرَّةٍ)

C) "Subhaanallaah Wabihamdihi."

"Rabbiin hirdhuu irraa qulqulluufi faarfamaadha." (yeroo dhibba tokko)

D) Ergamaan Rabbii ﷺ Akkana jedhaniiru: "Namni ganama barraaqan zikrii kanatti aanu jedhe

akka nama ilmaan Ismaa'iil irraa gurmuu gabra tokkoo bilisa baaseetti isaaf lakkaa'ama. Maasetni kudhanis isarraa haqama. Sadarkaa kudhan isaaf ol fuudhama. Hanga dhiyuttis sheeyxaana irraa isa tiiysiti. Yoo galgala zikrii kana jedhe ammoo hanga bari'utti sheeyxaana irraa isa tiiysiti."

«لاَ إِلَٰهَ إِلاَّ اللهُ، وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ» (مِائَةَ مَرَّةٍ إِذَا أَصْبَحَ)

Zikrichis akkana jedha:- "Laa Ilaaha Illallaah Wahdahu Laa Shariika Lahu, Lahul Mulku

Walahul Hamdu Wahuwa Alaa Kulli Sheey'in Qadiir."

"Rabbiin malee gooftaan biraa hin jiru. Inni tokkicha. Shariika hin qabu. Taayitaan kan Isaati. Faarunis kan Isaati. Inni waan hundarratti danda'aadha."

(Ibn Maajaah)

E) Nabiyyiin ﷺ ganamaafi galgala zikrii kanatti aanu jedhaa turan.

أَصْبَحْنَا عَلَىٰ فِطْرَةِ الإِسْلَامِ(٢)
وعَلىٰ كَلِمَةِ الإِخْلَاصِ، وَعَلَىٰ دِينِ نَبِيِّنَا
محَمَّدٍ ﷺ ، وَعَلَىٰ مِلَّةِ أَبِينَا إِبْرَاهِيمَ،
حنِيفاً مُسْلِماً وَمَا كَانَ مِنَ الْمُشْرِكِينَ

"Asbahanaa Alaa Fixratil Islaami, Wa'alaa Kalimatil Ikhlaasi, Wa'alaa Diini Nabiyyinaa Muhammadin ﷺ, Wa'alaa Millati Abiinaa Ibraahiima Haniifan Musliman Wamaa Kaana Minal Mushrikiina."

"Nuti uumaa (fixraa) Islaamaa irratti, jecha quluqulluu (Laa Ilaaha Illallaah) irratti, amanti nabiyyii keenya Muhammad irratti, karaa abbaa keenna Ibraahiim isa Muslima dhugaa kan warra Rabbitti waa hin maknee irratti bariisifannee jirra." (Ahmad)

# 28. Zikrii Hirriba Dura Jedhamu

A) Nabi Muhammad ﷺ yeroo hunda odoo hin rafne dura harkasaanii bal'isaniitin ganaa lamaan irratti tuttufani. Sana booda *"Qul Huwal-Laahu Ahad..."*, *"Qul A'uuzu Birabbil Falaq..."* fi *"Qul A'uuzu Birabbin-Naas..."* ni qara'u. Ergasii mataa isaanii irraa jalqabuudhaan fuulafi qaama fuundura isaanii, itti aansudhaan hanga danda'ameen qaama isaanii hunda ni quyyisu.Kanas marsaa sadi godhu.

B) Nabi Muhammad ﷺ akkana jedhaniiru: "Yeroo gara siree keetii

(hirribaaf) adeemtu Aayatal Kursyyiin qara'i. Yoo kana goote tiikseen Rabbiin biraa siif ergame sibiraa hin deemu. Hanga dammaqtutti sheeyxaanni sitti hin kalaayu. (Bukhaarii)

C) "Namni halkan *suuraa Baqaraa* irra aayatoota dhumaa lamaan (Lak. 275-276) qara'e sharrii waan hundaa irraa isiin isa eegdi."

D) Du'aa'ii kanatti aanu hirriba dura godhachuun sunnaadha.

«بِاسْمِكَ اللَّهُمَّ أَمُوتُ وأَحْيَا»

"Bismika Allaahumma Amuutu Wa'ahyaa"

"Yaa Rabbi, maqama keetin du'ee (ergasillee) jiraadha." (Bukhaarii)

E) Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhu: "Gabra tokko qabaachuu irra (humnaafi jabina argamsiisuun) wanta caalu isinitti himuu? yeroo soddomii sadi *'Subhaanallaah'*, yeroo soddomii sadi *'Alhamdu Lillaah'* yeroo soddomii afur ammoo *'Allaahu Akbar'* jedhaa. Kun gabra tokko qabaachuu irra isiniif caalaa."[1]

(Bukhaarii)

---

[1] Kun gaafii Faaximaan isiifi Aliyyiif ﷺ akka gabra kennan yeroo Nabiyyii ﷺ gaafatte deebii isaan isiif kennan ture.

## 29. Du'aa'ii Yoo Halkan Ka'anii Jihaa Hirribaa Jijjiiratan Godhamu

Akka Aa'ishaan ﵂ odeessanitii ergamaan Rabbii ﷺ yeroo halkan cinaa tokkorraa gara isa biraatti jijjiiratanii rafan akkana jedhaa turani:

«لَا إِلَٰهَ إِلَّا اللهُ الْوَاحِدُ الْقَهَّارُ، رَبُّ السَّمٰوَاتِ وَالْأَرْضِ وَمَا بَيْنَهُمَا الْعَزِيزُ الْغَفَّارُ»

**"Laa Ilaaha Illallaahul-Waahidul-Qahhaar, Rabbis-Samaawaati Wal Ardi Wamaa Beeynahumaa Al-Aziizul Ghaffaar."**

"Rabbii tokkich moo'ataa ta'e malee gooftaan biraa hin jiru. Inni Gooftaa samiiwwanii, dachiifi wanta gidduu isaan lamaanii jiruuti. (inni) Moo'ataafi Araaramaadha."

(Haakim)

## 30. Du'aa'ii Yoo Halkan (Tasa) Rifatanii Hirribarraa Ka'an Godhamu

«أَعُوذُ بِكَلِمَاتِ اللهِ التَّامَّاتِ مِنْ غَضَبِهِ وَعِقَابِهِ، وَشَرِّ عِبَادِهِ، وَمِنْ هَمَزَاتِ الشَّيَاطِينِ وَأَنْ يَحْضُرُونِ»

"A'uuzu Bikalimaatillaahit-Taammaati Min Ghadabihi Wa

Iqaabihi, Wa Sharri Ibaadihi, Wamin Hamazaatish-shayaaxini Wa'an Yahadhuruun."

"Ani Jechoota Rabbii guutuu ta'aniin dallansuu Isaa, adabbii Isaa, Sharrii gabroota Isaatifi dogoggorsaa sheeyxaanatiifi natti kalaayuu (sheeyxaanaa) irraa Isatti (Rabbitti) maganfadha."

(Abuu Daawud)

## 31. Abjuufi Dunquqquu Yeroo Argan Wanta Jedhamu

"Abjuun gaarin Rabbirraa dhufa. Dunquqquun ammoo sheeyxaan-aarraa dhufa. Namni waan jaalatu arge nama jaalatutti malee nama biraatif hin ibsin." (Muslim)

Namni abjuu isaatin wanta jibbu arge waan kanatti aanu haa raawwaatu:-

* Cinaacha bitaa isaatti (fuulan garagalee) al sadi haa tuttufu,
* Wanta arge eenyutillee hin himin,
* Cinaacha irratti rafee ture haa jijjiiru,
* Yoo barbaade ka'ee haa salaatu.

(Muslim)

## 32. Du'aa'ii Salaata Witrii Keessatti Godhamu

دُعَاءُ قُنُوتِ الوِتْرِ

«اللَّهُمَّ اهْدِنِي فِيمَنْ هَدَيْتَ،

وَعَافِنِي فِيمَنْ عَافَيْتَ، وَتَوَلَّنِي فِيمَنْ

تَوَلَّيْتَ، وَبَارِكْ لِي فِيمَا أَعْطَيْتَ، وَقِنِي شَرَّ مَا قَضَيْتَ، فَإِنَّكَ تَقْضِي وَلَا يُقْضَىٰ عَلَيْكَ، إِنَّهُ لَا يَذِلُّ مَنْ وَالَيْتَ، [وَلَا يَعِزُّ مَنْ عَادَيْتَ]، تَبَارَكْتَ رَبَّنَا وَتَعَالَيْتَ»

"Allaahumma Ihdinii Fiiman Hadeeyta, Wa'aafinii Fiiman Aafeeyta, Watawallanii Fiimaa A'axeeyta, Waqinii Sharra Maa Qadeeyta, Fa'innaka Taqdii Walaa Yuqdaa Aleeyka, Innahu Laa Yazillu Man Waaleeyta, [Walaa Ya'izzu Man Aadeeyta,] Tabaarakta Rabbanaa Wata'aaleeyta."

"Yaa Rabbi, warra qajeelchite wajjiin anas qajeelchi. Warra fayyaa kenniteef wajjiin fayyaa

naaf kenni. Warra jaalattee gargaarsa gootef wajjiin na jaaladhu. Waan naaf kennite keessatti barakaa naaf taasisi. Hamtuu (Sharrii) murteessite jalaa nabaasi. Ati murteessaa yoo taatu namni Sirratti murteessu hin jiru. Namni Ati jaalattee ol fuute hin salphatu (hin xiqqaatu). Namni diina siif ta'e ammoo hin guddatu (hin kabajamu). Yaa Rabbi, Ati qulqullooftee jirta, Olis taatee jirta." (Ahmad, Daaramiifi Haakim)

## 33. Du'aa'ii Salaata Witrii Booda Jedhamu

**Ergamaan Rabbii ﷺ raka'aa jalqabaafi lammaffaa tan salaata**

witrii keessatti *"Sabbihisma Rabbikal A'alaa.."* fi *"Qul Yaa Ayyuhal Kaafiruun..."* yoo qara'an raka'aa sadaftaa keessatti ammoo *"Qul Huwallaahu Ahad..."* qara'aa turan. Erga salaammatanii booda:-

سُبْحَانَ الْمَلِكِ الْقُدُّوسِ » ثلاث

"Subhaanal Malikul Qudduus" (Mootin faarafamaan (Rabbiin) qulqullaaye) jechuun al sadi Rabbiin faarsu. Yeroo sadaffaatti sagalee isaanii ol kaasu.

مـرَّاتٍ وَالثَّالِثَةُ يَجْهَـرُ بِهَا وَيَمُـدُّ بِهَا صَـوْتَهُ يَقُـولُ

[رَبُّ الْمَلَائِكَةِ وَالرُّوحِ]»

"Rabbul Malaa'ikati Warruuhi" jechuun. (Gooftaa malaa'ikotaafi

Jibriil kan ta'e) kan jedhus itti dabalu ture. (Nasaa'iifi Daaraquxnii)

## 34. Du'aa'ii Yeroo Yaaddofi Gaddaa Jedhamu

اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنَ الْهَمِّ وَالْحَزَنِ، وَالْعَجْزِ وَالْكَسَلِ، وَالْبُخْلِ وَالْجُبْنِ، وَضَلَعِ الدَّيْنِ وَغَلَبَةِ الرِّجَالِ

**"Allaahumma Innii A'uuzu Bika Minal Hammi Wal Huzni, Wal Ajzi Wal kasali, Wal Bukhli, Wal Jubni, Wadila'id-Deeyni, Waghalabatir-Rijaali."**

"Yaa Rabbi, ani Yaaddofi gadda irraa, dadhabbiifi gadi aantummaa irraa, donyummaafi sodaattummaa irraa fe'aa idaatifi namootan moo'atamuu (isaan jala ooluu) irraa Sitti maganfadha,"

## 35. Du'aa'ii Yeroo Rakkoo

«لَا إِلَـٰهَ إِلَّا اللهُ الْعَظِيمُ الْحَلِيمُ، لَا إِلَـٰهَ إِلَّا اللهُ رَبُّ الْعَرْشِ الْعَظِيمُ، لَا إِلَـٰهَ إِلَّا اللهُ رَبُّ السَّمٰوَاتِ وَرَبُّ الْأَرْضِ وَرَبُّ الْعَرْشِ الْكَرِيمُ»

A) "Laa Ilaaha Illallaahil Aziimil Haliim, Laa Ilaaha Illallaah Rabbil Arshil Aziim, Laa Ilaaha Illallaah

Rabbis Samaawaati Wa Rabbil Ardi Wa Rabbil Arshil Kariim."

"Rabbii Guddaafi Danda'aa ta'e malee gooftaan biraa hin jiru. Rabbii Gooftaa arshii guddaa ta'e malee gooftaan biraa hin jiru. Rabbii Gooftaa samiiwwanii, Gooftaa dachiitifi Gooftaa arshii kabajamaa ta'e malee gooftaan biraa hin jiru." (Bukhaarii)

اللَّهُمَّ رَحْمَتَكَ أَرْجُو فَلَا تَكِلْنِي إِلَىٰ نَفْسِي طَرْفَةَ عَيْنٍ، وَأَصْلِحْ لِي شَأْنِي كُلَّهُ، لَا إِلَـٰهَ إِلَّا أَنْتَ»

B) "Allaahumma Rahmatika Arjuu Falaa Takilnii Ilaa Nafsii Xarfata Eeynin Wa Aslih Lii Sha'anii Kullahuu, Laa Ilaahaa Illaa Anta."

"Yaa Rabbi, rahmata kee ni kajeela. Dhimma kiyya anummaan akka bahu yeroo libsuu ijaatifis natti hin dhiisin. Waa'ee kiyya hunda naaf tolchi. Simalee gooftaan biraa hin jiru."

(Abuu Daawudiifi Ahmad)

«لَا إِلَٰهَ إِلَّا أَنْتَ سُبْحَانَكَ
إِنِّي كُنْتُ مِنَ الظَّالِمِينَ»

C) "Laa ilaaha Illaa Anta Subhaanaka Innii Kuntu Minaz-Zaalimiin"

"Yaa Rabbi, Simalee gooftaan biraa hin jiru. Sima qulqulleessina. Ani garuu namoota nafsee isaanii miidhan keessaa tokko."
(Tirmiiziifi Haakim)

## 36. Yeroo Diinaafi Mootii (Garaa Jabaatu) Argitan Du'aa'ii Godhamu

« اللَّهُمَّ إِنَّا نَجْعَلُكَ فِي نُحُورِهِمْ

وَنَعُوذُ بِكَ مِنْ شُرُورِهِمْ »

A) "Allaahumma Innaa Naj'aluka Fii Nuhuurihim, Wana'uuzu Bika Min Shuruurihim."

"Yaa Rabbi, nuti isaan (diinotii ykn moototii garaa jabaatan) duratti (irkoo) Sigodhanna. Hamtuuwwan (sharriiwwan) isaanii irràa Sitti maganfanna."
(Abuu Daawudiifi Haakim)

اللَّهُمَّ أَنْتَ عَضُدِي، وَأَنْتَ نَصِيرِي، بِكَ أَحُولُ، وَبِكَ أَصُولُ، وَبِكَ أُقَاتِلُ.

B) "Allaahumma Anta Adhudii, Wa'anta Nasiirii, Bika Ajuulu Wabika Asuulu, Wabika Uqaatilu."

"Yaa Rabbi, Ati waantaa ani ittiin ittifamu, Ati gargaaraa kiyya. Ani

Siin socho'a, (Humna) Keetin miidhaa geessa, (Humna) Keetin waraana (lola)."

(Abuu Daawudiifi Tirmiizii)

"حَسْبُنَا اللهُ وَنِعْمَ الْوَكِيلُ"

C) "Hasbunallaahu Wani'imal Wakiil"

"Rabbiin nuuf gahaadha. Irkoon (Rabbii) kun akkam bareedadha."

(Bukhaarii)

## 37. Du'aa'ii Namni Amantii isaa keessatti Shakkiin itti Dhagayame Dhageessisu

Namni wanti amantii isaa irraa isa doorsisu itti dhufe tokko dura

sheey xaana irraa Raabbiitti haa maganfatu. Kana jechuun:

أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ

"A'uuzu Billaahi Minash-Sheeyxaanir-Rajiim"

"Sheeyxaana dagsiisaa ta'e irraa Rabbitti maganfadha." haa jedhu. Itti aansees;

يَقُولُ «آمَنْتُ بِاللهِ وَرُسُلِهِ»

"Aamantu Billaahi Warusulihi."

"Rabbiifi Ergamtoota Isaatti amane." haa jedhu. (Bukhaarii)

Hadiisota Abuu Daawud galmeessan keessatti ammoo aayata qur'aanaa kan kanatti aanu haa qara'u kan jedhu ni arganna.

يَقْـرَأُ قَـوْلَـهُ تَعَـالَىٰ: ﴿ هُوَ ٱلْأَوَّلُ وَٱلْآخِرُ وَٱلظَّٰهِرُ وَٱلْبَاطِنُ ۖ وَهُوَ بِكُلِّ شَىْءٍ عَلِيمٌ ﴾"

"Huwal Awwalu Wal Aakhiru Waz-Zaahiru, Wal Baaxinu, Wahuwa Bikulli Sheey'in Aliim."

"Inni duris kan jiru, boodas kan hafu, ifattis dhoksattis kan jiraatu. Inni waan hundaa beekadha."

(Al Hadiid:3)

## 38. Du'aa'ii Namni Idaa Ufirraa Qabu Godhu

"اللَّهُمَّ اكْفِنِي بِحَلَالِكَ عَنْ

حَرَامِكَ وَأَغْنِنِي بِفَضْلِكَ عَمَّنْ سِوَاكَ"

A) "Allaahumma Ikfinii Bihalaalika An Haraamika Wa'aghninii Bifadhlika Amman Siwaaka."

"Yaa Rabbi, waan dhoorgaa (haraama) ta'e irraa (na fageessii) waan hayyamame (halaala ta'e) qofaan uf na dandeessisi. Kennaa keetin nama siin alaa (kadhachuu) irraa na qananiisi." (Tirmiizii)

" اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنَ الْهَمِّ وَالْحَزَنِ، وَالْعَجْزِ وَالْكَسَلِ، وَالْبُخْلِ وَالْجُبْنِ، وَضَلَعِ الدَّيْنِ وَغَلَبَةِ الرِّجَالِ"

B) "Allaahumma Innii A'uuzu Bika Minal Hammi Wal Huzni, Wal Ajzi, Wal Kasali, Wal Bukhli, Wal Jubni, Wadil'id-Deeyni, Waghalabatir-Rijaali."

"Yaa Rabbi, Yaaddofi gadda irraa, dadhabbiifi gadiaantummaa irraa, donyummaafi sodaatummaa irraa fe'aa idaatifi namootaan moo'ata-muu (isaan jala ooluu) irraa Sitti maganfadha." (Bukhaarii)

## 39. Du'aa'ii Namni Sheeyxaanni Salaatâ Keessatti ykn Odoo Qur'aana Qara'u Isa Wasawwase Dhageessisuu Qabu

Usmaan Ibnil Aasi ﷺ kan kanatti aanu dabarsanii jiru:

Ergamaa Rabbiitin ﷺ "Yaa ergamaa Rabbii, Sheeyxaanni anaafi salaata kiyya akkasumas qur'aana qara'u gidduu seene na dogoggorseera" jedheen. Isaanis:- "Kuni sheeyxaana 'Khinzaab' jedhamu. Yeroo jiraachuun isaa sitti dhagayame akka Rabbi sharrii isaa irraa si tiiksu gara cinaacha bitaatti al sadi tuttufi" naan jedhan.

(Muslim)

## 40. Du'aa'ii Namni Wanti Rakkisaan Isa Qunname Godhu

"اللَّهُمَّ لَا سَهْلَ إِلَّا مَا جَعَلْتَهُ سَهْلًا

وَأَنْتَ تَجْعَلُ الْحَزْنَ إِذَا شِئْتَ سَهْلًا»

"Allaahumma Laa Sahla Illaa Maa Ja'altahu Sahlan, Wa Anta Taj'alul Hazana Izaa Shi'ita Sahlaa."

"Yaa Rabbi, wanta Ati laafaa (mijaayaa) goote malee wanti laafan hin jiru. Ati yoo feete wanta nama gaddisiisullee laafaa goota."

(Ibni Hibbaan)

## 41. Tarkaanfi Namni Yakka Hojjate Fudhachuu Qabu

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhaniiru: "Gabrichi (Rabbii) tokko yoo yakka (maaseta) hojjate wuduu'a sirritti haa godhatu. Sana

booda raka'aa lama haa salaatu. Itti aansee Rabbiin dhiifama haa gaafatu. (Rabbiin) Isaaf araarama."

(Abuu Daawudiifi Tirmiizii)

## 42. Du'aa'ii Yeroo Dhimmi (Rakkinni) Humnaa Olii Nama Qunnamu Godhamu

**Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhaniiru: "Rabbiin ﷻ dadhabaa ta'uu ni jibba, cimaa ta'uuf yaali. Yoo dhimmi tokko humna keetii ol ta'e**

«حَسْبِيَ اللَّهُ وَنِعْمَ الْوَكِيلُ»

**"Hasbiyallaahu Wani'imal Wakiil"**

"Rabbiin naaf gayaadha. Isarratti irkachuun akkam bareedadha). jedhi." (Abuu Daawud)

## 43. Du'aa'ii Daa'imaaf Godhamu

Akka Ibni Abbaas رضي الله عنه galmeessanitti ergamaan Rabbii ﷺ Hasaniifi Huseenin Sheeyxaanarraa akka Rabbiin isaan tiiksu du'aa'ii kanatti aanu godhaafii turaniiru:

كَانَ رَسُولُ اللهِ ﷺ يُعَوِّذُ الْحَسَنَ وَالْحُسَيْنَ «أُعِيذُكُمَا بِكَلِمَاتِ اللهِ التَّامَّةِ مِنْ كُلِّ شَيْطَانٍ وَهَامَّةٍ، وَمِنْ كُلِّ عَيْنٍ لَامَّةٍ»

"A'iizukumaa Bikalimaatillaahit-Taammati Min Kulli Sheeyxaanin Wahaammah, Wamin Kulli Eeynin Laammaa."

"Jechoota Rabbii kan guutuu ta'aniin sheeyxaana hundaafi nama hamtuu yaadu akkasumas ija summii qabdu irraa akka isin tiiksu (Rabbitti) maganfadha." (Bukhaarii)

## 44. Du'aa'ii Dhukkubsataaf Godhamu

A) Nabiyyichi ﷺ wayta dhukkubsataa gaafachuuf mana seenan du'aa'ii kanatti aanu godhaa turaniiru:

«لَا بَأْسَ طَهُورٌ إِنْ شَاءَ اللهُ»

"Laa Ba'asa xahuurun Inshaa'allaah."

"Jabaadhu hamtuun hin jirtuu, yoo Rabbiin jedhe (dhukbni kun) kan maaseta sirraa qulqulleessu ta'a."
(Bukhaarii)

B) Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhaniiru: "Yoo gabrichi muslimaa kamillee dhukkubsataa tokko erga gaafatee booda du'aa'ii kanatti aanu al torba godheef yoo guyyaan (ajalli) isaa hin gahin dhukkub-sataan suni ni fayya". Du'aa'ichis:

«أَسْأَلُ اللهَ الْعَظِيمَ رَبَّ الْعَرْشِ الْعَظِيمِ أَنْ يَشْفِيَكَ» (سبع مرات)

"As'alullaahal Aziim, Rabbil Arshil Aziim An yashfiika."

"Akka sifayyisu Rabbii Guddaa Gooftaa arshii guddaa ta'e ni kadha." (Tirmiizifi Abuu Daawud)

## 45. Faayidaa Dhukkubsataa Gaafachuu

Aliyyii ibni Abuu Xaalib ﷺ ergamaan Rabbii ﷺ haasa'a kanatti aanu yeroo dubbatan dhagayeera jedhu:

"Namni tokko yoo obboleessi isaa kan muslimaa tokko dhibamee gaafachuuf deeme hanga deebi'utti caffee jannataa keessa jiraata. Yeroo inni taa'u rahmanni Rabbii isaaf yaa'a. Yeroon inni gaafate ganama yoo ta'e hanga dhiyutti malaa'ikonni kuma torbaatamaa nagaafi rahmata Rabbii isarratti buusu. Yeroon inni gaafate galgala yoo ta'e hanga bari'utti malaa'ikonni kuma torbaatamaa nagaafi rahmata Rabbii isarratti buusu."

(Tirmiizifi Ibni Maajaah)

## 46. Du'aa'ii Dhukkubsataan Abdii Fayyuu Hinqabne Godhu

«اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي وَارْحَمْنِي وَأَلْحِقْنِي بِالرَّفِيقِ الأَعْلَى»

"Allaahumma Ighfirlii Warhamnii Wa Alhiqnii Bir-Rafiiqil A'ilaa."

"Yaa Rabbi, naaf araarami, rahmata naaf godhi, (jannata keessatti) hiriyyoota ciccimoo ta'an (jaalalleewwan Rabbii) wajjiin na taasisi."

(Bukhaarifi Muslim)

B) Akka Aa'ishaan ﷺ odeessanitti Nabiyyiin ﷺ yeroo dhukkubsatanii turan harka isaanii bishaan keessa cuuphudhaan baasanii fuula isaanii haxaayaa

لَا إِلَـٰهَ إِلَّا اللهُ إِنَّ لِلْمَوْتِ لَسَكَرَاتٍ

"Laa Ilaaha Illallaah. Inna Lilmowti Lasakaraat"

"Rabbiin malee gooftaan (dhugaa) hin jiru, duuti sakaraa qabdi" jedhaa turan. (Bukhaarii)

## 47. Waa'ee Nama Sakraa Du'aa Irra Jiru Karaa Qajeelchuu

Nama sakraa du'aa irra jiru akka hafuurrisaa kan dhumaa

amantii irratti ta'uufi *"Laa Ilaaha Illallaah"* jedhee akka du'u karaa itti akeekun barbaachisaadha. Sababaan isaa waan ergamaan Rabbi ﷺ "Namin jechisaa kan dhumaa Laa Ilaaha Illallah" isaaf ta'e jannata gale" jedhaniifi.
(Abuu Daawud)

## 48. Du'aa'ii Namni Rakkinni Qunname Dhageessisu

"إِنَّا لِلَّـهِ وَإِنَّا إِلَيْهِ رَاجِعُونَ اللَّهُمَّ أْجُرْنِي فِي مُصِيبَتِي وَأَخْلِفْ لِي خَيْراً مِنْهَا"

"Innaa Lillaahi Wa'innaa Ileeyhi Raaji'uun, Allaahumma Ajirnii Fii Musiibatii, Wakhluf Lii kheeyran Minhaa"

"Nuti kanuma (uumama) Rabbiiti, garuma Isaatti deebi'aa jirras. Yaa Rabbi, rakkina narra gaheef mindaa naaf kennii, wanta sanarra caalus bakka naaf buusi" (Muslim)

## 49. Du'aa'ii Namni Nama Du'e Ija Walitti Qabu Godhu

"اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِفُلَانٍ (بِاسْمِهِ) وَارْفَعْ دَرَجَتَهُ فِي الْمَهْدِيِّينَ، وَاخْلُفْهُ فِي عَقِبِهِ فِي الْغَابِرِينَ، وَاغْفِرْ لَنَا وَلَهُ يَا رَبَّ الْعَالَمِينَ،

وَافْسَحْ لَهُ فِي قَبْرِهِ وَنَوِّرْ لَهُ فِيهِ"

"Allaahumma Ighfir Lifulaanin (Bismihi) War'fa'i Darajatahu Fil Mahdiyyiina Wakhlufhu Fii Aqibihi Fil Ghaabiriina Waghfir Lanaa Walahuu Yasa Rabbal Aala miin. Waf'sah Lahu Fii Qabrihi Wanawwir Lahu Fiihi."

"Yaa Rabbi, ebaluuf (maqaa tuquun) araarami, sadarkaa isaas warra karaa qajeelloo hordofan keessatti ol fuudhi. Namoota isa bakka buustus warra sodaa Rabbii qaban godhi. Nuufi isaafis araarami, Yaa Gooftaa aalama hundaa. Qabrii isaa keessattis isaaf ba'isi, isii keessatti isaaf ibsi."

(Muslim)

# 50. Nama Du'erratti Yeroo Sagadamu Du'aa'ii Isaaf Godhamu

«اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِحَيِّنَا، وَمَيِّتِنَا، وَشَاهِدِنَا، وَغَائِبِنَا، وَصَغِيرِنَا وَكَبِيرِنَا، وَذَكَرِنَا وَأُنْثَانَا. اللَّهُمَّ مَنْ أَحْيَيْتَهُ مِنَّا فَأَحْيِهِ عَلَىٰ الإِسْلَامِ، وَمَنْ تَوَفَّيْتَهُ مِنَّا فَتَوَفَّهُ عَلَىٰ الإِيمَانِ، اللَّهُمَّ لَا تَحْرِمْنَا أَجْرَهُ وَلَا تُضِلَّنَا بَعْدَهُ»

**A) "Allaahumma Ighfir Lihayyinaa, Wamayyitinaa, Washaahidinaa, Waghaa'ibinaa, Wasaghiirina, Wa-**

kabiirinaa, Wazakarinaa, Wa'uunsaanaa. Allaahumma Man Ahyeeytahuu Minnaa Fa'ahyihi Alal Islaami, Waman Tawaffeey-tahuu Minnaa Fatawaffihu Alal Iimaani. Allaahumma Laa Tahrimnaa Ajrahuu Walaa Tudhillanaa Ba'adahu."

"Yaa Rabbi, jiraa keenyafi du'aa keenyafis, nama biyya jiruuf kan fagoo jiruufis, xiqqaafi guddaa keenyafis, dhiirafi dubartii keenyafis araarami. Yaa Rabbi, nama nurraa jiraachifte Islaamummaa irratti isa jiraachisi. Nama nurraa ajjeefte ammoo iimaana irratti isa ajjeesi. Yaa Rabbi, mindaa isaa (kan nuti isa geegessuuf hojjanne) nun dhoorgatin, isa booda ammoo nun jallisin." (Ibni Maajaahifi Ahmad)

«اللَّهُمَّ عَبْدُكَ وَابْنُ أَمَتِكَ
احْتَاجَ إِلَىٰ رَحْمَتِكَ، وَأَنْتَ غَنِيٌّ عَنْ
عَذَابِهِ، إِنْ كَانَ مُحْسِناً فَزِدْ فِي حَسَنَاتِهِ،
وَإِنْ كَانَ مُسِيئاً فَتَجَاوَزْ عَنْهُ»

B) "Allaahumma Abduka Wabni Amatika, Ihtaaja Ilaa Rahmatika, Wa Anta Ghaniyyun An Azaabihi. In Kaana Muhsinan Fazid Fii hasnaatihi, Wa'in Kaana Musii'an Fatajaawaz Anhu."

"Yaa Rabbi, namni kun gabricha Keeti. Ilma gabrittii Teetiti. Rahmata Keet barbaada. Ati ammoo isa adabuu irraa uf gahaadha. Yoo inni nama toltuu

hojjate ta'e toltuu isaa irratti isaaf dabali. Yoo inni nama hamtuu hojjate ta'e ammoo irra isaaf darbi (dhiisif)." (Haakim)

## 51. Ijoollee Odoo Umrii Gaafatamaa Hin Gahin Du'aniif Du'aa'ii Godhamu

وَإِنْ قَالَ: "اللَّهُمَّ اجْعَلْهُ فَرَطاً وَذُخْراً لِوَالِدَيْهِ، وَشَفِيعاً مُجَاباً. اللَّهُمَّ ثَقِّلْ بِهِ مَوَازِينَهُمَا وَأَعْظِمْ بِهِ أُجُورَهُمَا، وَأَلْحِقْهُ بِصَالِحِ الْمُؤْمِنِينَ، وَاجْعَلْهُ فِي كَفَالَةِ إِبْرَاهِيمَ، وَقِهِ بِرَحْمَتِكَ عَذَابَ الْجَحِيمِ،

"Allaahumma Ij'alhu Faraxan Wazukhran Liwaalideeyhi, Washafii'an Mujaaban. Allaahumma Saqqil Bihi Mawaaziinahumaa Wa'a'azim Bihi Ujuurahumaa, Wa Alhiqhu Bisaalihil Mu'uminiina Waj'alhu Fii Kafaalati Ibraahiima, Waqihi Birahamtika Azaabal Jahiim."

"Yaa Rabbi, badhaasa jalqabaa isa taasisi. Warra isaatif qabeenya kuusamee ol taa'e (isa taasisi), araarsaa fudhatama qabu (taasisiif). Yaa Rabbi, miizaana abbaafi haadha isaa sababaa isaatin ol kaasi, mindaa isaaniis guddis. Mu'uminoota gaggaarii wajjiin isa taasisi. Eegumsa Ibraahiim jala isa taasisi. Rahmata keetin azaaba ibiddaa jalaa isa baasi."

(Daarusu Fiihimaa Ibni Baaz)

# 52. Du'aa'ii Ibsa Gaddaa

«إِنَّ لِلَّهِ مَا أَخَذَ، وَلَهُ مَا أَعْطَىٰ
وَكُلُّ شَيْءٍ عِنْدَهُ بِأَجَلٍ مُسَمًّى. . .
فَلْتَصْبِرْ وَلْتَحْتَسِبْ»

A) "Inna Lillaahi Maa Akhaza, Walahu Maa A'axaa, Wakullu Sheey'in Indahu Bi'ajalin Musammaa... Fal Tabsir Wal Tahtasib."[2]

---

2 "Fal Tasbir Wal Tahtasib" Saala dubartiitif fayyada Du'aa'ii Nabiyyiin ﷺ dubartii ilmi jalaa du'e takkaaf godhan waan ta'eef dubartiin dhiyaate. Yoo dhiira ta'e "Fasbir Wahtasib" jedhama.

"Kan fudhate kanuma Rabbiiti. Wanti kennes kanuma Isaati. Wanti hundi Isa biratti beellama murtaaye qaba. Kanaaf haa obsitu, mindaa isiis Rabbirraa haa barbaaddu."

(Bukhaarifi Muslim)

«أَعْظَمَ اللهُ أَجْرَكَ، وَأَحْسَنَ عَزَاءَكَ وَغَفَرَ لِمَيِّتِكَ» فَحَسَنٌ

B) "A'azamallaahu Ajraka, Wa'ahsana Azaa'aka, Waghafara Limayyitika."

"Muindaa kee Rabbiin haa guddisu. Balaa sirra gahe Rabbiin toltuun siif haa jijjiiru. Nama sirraa du'eef Rabbiin haa araaramu." Yoo

jedhame gaarii akka ta'e Imaam Nawawiin kitaaba isaanii kan "Azkaar" jedhamu keessatti ibsaniiru.

## 53. Du'aa'ii Yeroo Reeffa Awwaala Keessa Kaayan Godhamuu Qabu

«بِسْمِ اللهِ وَعَلَىٰ سُنَّةِ رَسُولِ اللهِ»

"Bismillah Wa'alaa Sunnati Rasuulillaah."

"Maqaa Rabbiitin sunnaa ergamaa Rabbii irratti (hundaayee isa ciibsa."

(Abuu Daawud)

## 54. Du'aa'ii Sirna Awwaalaa Booda Godhamu

Nabi Muhammad ﷺ nama du'e erga awwaalanii booda qabrii bira dhaabbachuudhaan:
"Obboleessa keessaniif araara kadhaa, karaa gaarii irratti akka gadi dhaabbatu kadhaaf, inni amma gaafatamaa jiraa" jedhaa turan.
(Abuu Daawudiifi Haakim)

## 55. Du'aa'ii Namni Qabrii Ziyaaru Godhu

«السَّلَامُ عَلَيْكُمْ أَهْلَ الدِّيَارِ، مِنَ

الْمُؤْمِنِينَ وَالْمُسْلِمِينَ، وَإِنَّا إِنْ شَاءَ اللهُ بِكُمْ لَاحِقُونَ [وَيَرْحَمُ اللهُ الْمُسْتَقْدِمِينَ مِنَّا وَالْمُسْتَأْخِرِينَ] أَسْأَلُ اللهَ لَنَا وَلَكُمُ الْعَافِيَةَ»

**"Assalaamu Aleeykum Ahlad-Diyaari Minal Mu'uminiina Wal Muslimiina Wa'innaa Inshaa'al-laahu Bikum Laahiquuna Nas'alu-llaahi Lanaa Walakumul Aafiyaah."**

"Yaa mu'uminootafi muslimoota ganda qabrii kanaa keessa jirtan, nageenyi Rabbii isinirratti haa jiraatu. yoo Rabbi jedhe nutis isinitti makamna. Nuufi isiniifis akka fayyaa kennu (akka dhiifama nuuf godhu) ni kadhanna." (Muslim)

# 56. Du'aa'ii Yeroo Bubbeen Bubbisu Godhamu

«اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ خَيْرَهَا، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّهَا»

**"Allaahumma Innii As'aluka Kheeyrahaa Wa A'uuzu Bika Min Sharrihaa."**

"Yaa Rabbi, ani toltuu bubbee tanaa Si kadhaa. Hamtuu (sharrii) isii irraa ammoo Sitti magan fadha."

(Abuu Daawudiifi Ibni Maajaah)

## 57. Du'aa'ii Yeroo Hangaasuu Dhagayan Godhamu

Abdallaah ibni Zubeeyri ﷺ yeroo hangaasuu dhagayan haasa'a isaanii dhaabudhaan:

«سُبْحَانَ الَّذِي يُسَبِّحُ الرَّعْدُ بِحَمْدِهِ وَالْمَلَائِكَةُ مِنْ خِيفَتِهِ»

"Subhaanallazii Yusabbihur-Ra'adu Bihamdihii Wal Malaa'ikatu Min Khiifatihi."

"(Rabbiin) qulqullaaye, Inni hangaasun faaruu Isaatin, Malaa'ikonnis sodaachaa Isa qulqulleessan."

(Al-Muwaxxaa)

# 58. Du'aa'ii Yeroo Roobni Dhabamu Godhamu

«اللَّهُمَّ أَسْقِنَا غَيْثاً مُغِيثاً مَرِيئاً مَرِيعاً، نَافِعاً غَيْرَ ضَارٍّ، عَاجِلاً غَيْرَ آجِلٍ»

A) "Allaahumma Asqinaa Gheeysan Mughiisan, Marii'an, Nurii'an, Naafi'an Gheeyra Daarrin, Aajilan Gheeyra Aajilin."

"Yaa Rabbi, rooba tolaa, guutuu, fayya qabeessa, kan faayidaa kennuufi kan hin miine, kan yeroo eeggateefi kan duubatti hin harkifatin nuuf roobsi."

(Abuu Daawud)

«اللَّهُمَّ أَغِثْنَا، اللَّهُمَّ أَغِثْنَا
اللَّهُمَّ أَغِثْنَا»

B) "Allaahumma Aghisnaa, Allaahumma Aghisnaa, Allaahumma Aghisnaa."

"Yaa Rabbi, rooba nuuf kenni. Yaa Rabbi, rooba nuuf kenni. Yaa Rabbi, rooba nuuf kenni."

(Bukhaarifi Muslim)

## 59. Du'aa'ii Yeroo Roobuf Ta'u Godhamu

"Allaahumma Sayyiban Naafi'an."

"Yaa Rabbi, duumessa roobaa faaydaqabeessa nuuf godhi."

(Bukhaarii)

## 60. Du'aa'ii Erga Roobee Booda Godhamu

"مُطِرْنَا بِفَضْلِ اللهِ وَرَحمتِهِ"

"Muximaa Bifadhlillaahi Warahmatihi."

"Kennaa Rabbiitifi rahmata Isaatin nuuf roobe."

(Bukhaarifi Muslim)

# 61 Du'aa'ii Yeroo Roobni Baay'atu Godhamu

«اللَّهُمَّ حَوَالَيْنَا وَلَا عَلَيْنَا . اللَّهُمَّ عَلَى الْآكَامِ وَالظِّرَابِ ، وَبُطُونِ الْأَوْدِيَةِ ، وَمَنَابِتِ الشَّجَرِ»

**"Allaahumma Hawaaliinaa Walaa Aleeynaa. Allaahumma Alal Aakaami Waz-Ziraabi, Wabuxuunil Awdiyati, Wamanaabitish-Shajari."**

**"Yaa Rabbi, daangawwanirratti malee nurratti hin roobsisin. Yaa Rabbi, dachii margaa, tabbaawwan, yaa'awwaniifi hidda mukkiinii irratti akka roobu godhi."**

**(Bukhaarifi Muslim)**

# 62. Du'aa'ii Namni Baatii Arge Dhageessisu

«اللهُ أَكْبَرُ، اللَّهُمَّ أَهِلَّهُ عَلَيْنَا بِالأَمْنِ وَالإِيمَانِ، وَالسَّلَامَةِ وَالإِسْلَامِ، والتَّوْفِيقِ لِمَا تُحِبُّ رَبَّنَا وَتَرْضَىٰ، رَبُّنَا وَرَبُّكَ اللهُ»

"Allaahu Akbar, Allaahumma Ahillahuu Aleeynaa Bil Amni Wal Iimaani Wassalaamati, Wal Islaami, Wat-Tawfiiqi Limaa Tuhibbu Watardhaa Rabbunaa Warabbukallaahu."

"Rabbiin (waan hundarra) Guddaadha. Yaa Rabbi, baatii tana

tasgabbiin, iimaanan, nagaan, Islaamummaan, waan Ati jaalattuu fi itti gammaddu nu qunnamsiisun nuuf baasi. (Baatiinnana) Gooftan keenyafi Gooftan keetis Rabbuma."

## 63. Du'aa'ii Namni Soome Yeroo Hiiku Godhu

Du'aa'in namni soome yeroo hiiku godhu fudhatama kan qabu waan ta'eef xiyyeeffannaan kennamuufii qaba. Namni soome tokko yeroo hiiku du'aa'ii kanatti aanu haa godhu.

«ذَهَبَ الظَّمَأُ وَابْتَلَّتِ الْعُرُوقُ، وَثَبَتَ الأَجْرُ إِنْ شَاءَ اللهُ»

"Zahabaz-Zama'u, Wabtallatil Uruuqu, Wasabatal Ajru Inshaa'allaah."

"Dheebun keenya deemeera. Hiddi dhiiga keenyaas jiidheera. Mindaanis (nuuf) mirkanaayeera, yoo Rabbi jedhe." (Abuu Daawud)

## 64. Du'aa'ii Nyaata Dura Godhamu

A) Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhaniiru: "Yeroo nyaachuuf qophooftan

بِسْمِ اللهِ،

"Bismillaah" yookan "Maqaa Rabbiitin (jalqaba)" jedhaa. Yoo jalqabarratti dagattan:

«بِسْمِ اللهِ فِي أَوَّلِهِ وَآخِرِهِ»

"Bismillaahi Fii Awwalihi Wa Aakhirihi" ykn "Jalqabaafi xumuraafis maqaa Rabbiitin (jalqaba)" jedhaa. (Abuu Daawudiifi Tirmiizii)

B) Nabi Muhammad ﷺ akkana jedhu: "Namni Rabbiin nyaata isaaf kenne akkana haa jedhu:

«اللَّهُمَّ بَارِكْ لَنَا فِيهِ وَأَطْعِمْنَا خَيْراً مِنْهُ»

"Allaahumma Baarik Lanaa Fiihi, Wa'ax'imnaa Kheeyran Minhu."

"Yaa Rabbi, isa keessatti barakaa nuuf taasisi. Kan isa caalus nu nyaachisi."

Namni Rabbiin aannan isa obaase ammoo:

«اللَّهُمَّ بَارِكْ لَنَا فِيهِ وَزِدْنَا مِنْهُ»

"Allaahumma Baarik Lanaa Fiihi Wazidnaa Minhu"

"Yaa Rabbi, (aannan) kana keessatti barakaa nuuf taasisi, isumarraa nuuf dabalis" haa jedhu.

## 65. Du'aa'ii Nyaata Booda Godhamu

«الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي أَطْعَمَنِي هَذَا، وَرَزَقَنِيهِ، مِنْ غَيْرِ حَوْلٍ مِنِّي وَلَا قُوَّةٍ»

"Alhamdu Lillaahil-Lazii Ax'amanii Haazaa, Warazaqaniihi Min Gheeyri Hawlin Minnii Walaa Quwwaah."

"Rabbii beekumsaafi jabina kiyyaan ala nyaata kana na nyaachiseefi naaf kenneef faarun haa gahu."

## 66. Du'aa'ii Keessummaan Nama Isa Afeeref Godhu

«اللَّهُمَّ بَارِكْ لَهُمْ فِيمَا رَزَقْتَهُمْ، وَاغْفِرْ لَهُمْ وَارْحَمْهُمْ»

"Allaahumma Baarik Lahum Fiimaa Razaqtahum, Waghfir Lahum Warhamhum."

"Yaa Rabbi, waan kenniteef keessatti barakaa taasisi. Isaanif araarami, rahmatas isaanif godhi." (Muslim)

## 67. Du'aa'ii Nama Isin Obaasef ykn Yoo Bishaan Argachuu Barbaaddan Gootan

"اللَّهُمَّ أَطْعِمْ مَنْ أَطْعَمَنِي وَاسْقِ مَنْ سَقَانِي"

"Allaahumma Ax'im Man Ax'amanii, Wasqi Man Saqaanii."

"Yaa Rabbi, nama na nyaachise nyaachisi. Nama na obaase obaasi." (Muslim)

## 68. Du'aa'ii Namni Soome Yeroo Mana Nama Biraatti Hiike Jechuu Qabu

- «أَفْطَرَ عِنْدَكُمُ الصَّائِمُونَ، وَأَكَلَ طَعَامَكُمُ الأَبْرَارُ، وَصَلَّتْ عَلَيْكُمُ الْمَلَائِكَةُ»

"Afxara Indakumus-Saa'imuun, Wa'akala Xa'aamakumul Abraaru, Wasallat Aleeykumul Malaa'ikatu."

"Namoonni sooman isin biratti haa hiikan. Nyaata keessan namoonni qaqqajeellon qofti haa nyaatan. Malaa'ikonni isinirratti nagaafi rahmata haa buuftu." (Abuu Daawud)

## 69. Du'aa'ii Nama Haxxifateef Godhamu

Ergamaan Rabbii ﷺ Akkana jedhaniiru: "Namni tokko yeroo haxxifatu

الْحَمْدُ لِلّٰهِ،

'Alhamdu Lillaah' (Faarun kan Rabbiiti) haa jedhu. Obboleessi ykn namni isa bira jiru:

يَرْحَمُكَ اللهُ،

'Yarhamukallaah' (Rabbin rahmata siif haa godhu) jedhee haa deebisuuf. Innis deebisee:

«يَهْدِيكُمُ اللهُ وَيُصْلِحُ بَالَكُمْ»

'Yahdiikumullaahu Wayuslihu Baalakum' (Rabbi isin haa qajeelchu. Haala keessanis haa tolchu (onnee keessan haa qulqulleessu)) jechuun haa deebisuuf."

## 70. Du'aa'ii Nama Haara'a Fuudhef Godhamu

«بَارَكَ اللهُ لَكَ، وَبَارَكَ عَلَيْكَ؛ وَجَمَعَ بَيْنَكُمَا فِي خَيْرٍ»

"Baarakallahu Laka, Wabaaraka Aleeyka, Wajama'a Beeynakumaa Fii Kheeyrin."

"Rabbiin (warra ykn niitii) barakaa siif haa godhu. Sirrattis barakaa haa godhu. Gidduu keessanis walitti hidhama gaarii haa taasisu."
(Nasaa'in yoo hafan As'haaba Sunan gabaasan)

## 71. A) Du'aa'ii Namni Fuudhe Godhu

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhaniiru: "Tokkoon keessan yeroo niitii fuudhu akkana haa jedhu:"

«اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ خَيْرَهَا

وَخَيْرَ مَا جَبَلْتَهَا عَلَيْهِ
وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّهَا وَشَرِّ مَا جَبَلْتَهَا
عَلَيْهِ،

"Allaahumma Innii As'aluka Kheeyrahaa Wakheeyra Maa Jabalathaa Aleeyhi, Wa A'uuzu Bika Min Sharrihaa Washarri Maa Jabalathaa Aleeyhi."

"Yaa Rabbi, ani waan gaarii isiitifi waan gaarii isiin dhuunfatte si kadha. Hamtuu (sharrii) isiitifi hamtuu isiin dhuunfatte irraa sitti maganfadha."

## B) Du'aa'ii Namni Horii Bite Godhu

"Yeroo gaala bitte dalluu isaa qabachuudhaan du'aa'ii olitti ibsame qara'i."

(Abuu Daawudiifi Ibni Maajaah)

## 72. Du'aa'ii Walitti Makama Foonii Dura Godhamu

"بِسْمِ اللهِ. اللَّهُمَّ جَنِّبْنَا الشَّيْطَانَ، وَجَنِّبِ الشَّيْطَانَ مَا رَزَقْتَنَا"

**"Bismillaah. Allaahumma Jannibnash-Sheeyxaana, Wajannibish-Sheeyxaana Maa Razaqtanaa."**

"Maqaa Rabbiitin. Yaa Rabbi, Sheeyxaana nurraa fageessi. Waan nuuf kennitu irrallee sheeyxaana fageessi." (Bukhaarifi Muslim)

## 73. Du'aa'ii Yeroo Dallansuu Godhamu

«أَعُوذُ بِاللهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ»

"A'uuzu Billaahi Minash-Sheeyxaanir-Rajiim."

"Sheeyxaana abaarammaa irraa Rabbitti maganfadha."

## 74. Du'aa'ii Yeroo Nama Yaalame (Maasetarratti Kufe) Argitan Gootan

«الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي عَافَانِي مِمَّا ابْتَلَاكَ بِهِ وَفَضَّلَنِي عَلَىٰ كَثِيرٍ مِمَّنْ خَلَقَ تَفْضِيلًا»

"Alhamdu Lillaahi Allazii Aafaanii Mimmabtalaaka Bihi Wafaddhalanii Alaa Kasiirin Mimman Khalaqa Tafdhiilaa."

"Faarun kan Rabbiiti. Isa wanta si ittiin yaale irraa bilisa na godhe. Akkasumas Isa hedduu waan uumee irra sadarkaa kiyya ol kaase."

# 75. Du'aa'ii Yeroo Walgahii Godhamu

Akka Ibni Umar ﷺ dabarsanitti ergamaan Rabbii ﷺ walgahii tokko irratti yeroo dhibba du'aa'ii kanatti aanu dhageessisaa akka turan lakkoofnee jirra:

«رَبِّ اغْفِرْ لِي

وتُبْ عَلَيَّ إِنَّكَ أَنْتَ التَّوَّابُ الغَفُورُ»

"Rabbighfir Lii Watub Alayya Innaka Antat-Tawwaabul Ghafuur."

"Gooftaa kiyyaa, naaf araarami, naaf dhiisi. Ati kan dhiifama gootufi araaramtu waan taatef."

(Tirmiizii)

# 76. Du'aa'ii Walgahii Booda Godhamu

«سُبْحَانَكَ اللَّهُمَّ وَبِحَمْدِكَ، أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَـٰهِ إِلَّا أَنْتَ، أَسْتَغْفِرُكَ وَأَتُوبُ إِلَيْكَ»

**"Subhaanaka Allaahumma Wabi-hamdika, Ashihadu An Laa Ilaaha Illaa Anta Astaghfiruka Wa'atuubu Ileeyka."**

"Yaa Rabbi, faaruu keetin siqulqulleessa. Simalee gooftaa (dhugaa) hin jiru. Araara si kadha, garuma keet deebi'a"

(Sunana)

## 77. Du'aa'ii Nama 'Rabbi Rahmata Siif Haa Godhu' Jedheef Godhamu

Abdallaah ibni Sarjas ﷺ wanta kanatti aanu dabarsaniiru: Mana Nabiyyii ﷺ deemudhaan isaan wajjiin erga nyaata nyaannee booda "Yaa ergamaa Rabbii, Rabbiin rahmata isiniif haa godhu" jedheen. Isaanis "Silleef (rahmata haa godhu)" naan jedhan.

(Ahmadiifi Nasaa'ii)

## 78. Du'aa'ii Nama Tola Siif Oolef Gootu

Namni nama tola isaaf oolen:

«جَزَاكَ اللهُ خَيْراً»

"Jazaakallaahu Kheeyran" (hojii gaarii hojjatteef Rabbi mindaa siif haa kennu) jedhee galata ta'uu qabu dhiyeesseera. (Tirmiizii)

## 79. Du'aa'ii Hamtuu Masiihud-Dajjaal Irraa Ufeeguf Godhamu

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhu:"Namni aayatoota kudhannan jalqaba suuraa Al-Kahfi qomatti qabate hamtuu Dajjaal irraa isa eegdi. Namni dhuma Tashahhuda boodaa irratti fitnaa Dajjaal irraa Rabbiin akka

isa eegu du'aa'ii godhe fitnaa isaa irraa nagaa baha." (Muslim)

## 80. Du'aa'ii Nama 'Rabbiif Jecha Sin Jaaladha' Jedheef Godhamu

«أَحَبَّكَ الَّذِي أَحْبَبْتَنِي لَهُ»

"Ahabbakallazii Ahbabtaniil-Lahu."

"Inni (Rabbiin) ati Isaaf jecha na jaalatte si haa jaalatu."
(Abuu Daawud)

## 81. Du'aa'ii Nama Mallaqa Isiniif Kenneef Gootan

«بَارَكَ اللهُ لَكَ فِي أَهْلِكَ وَمَالِكَ»

"Baarakallaahu Laka Fii Ahlika Wa Maalika"

"Rabbiin maatii keetifi horii kee keessatti barakaa siif haa taasisu."

## 82. Du'aa'ii Namni Maallaqa Liqeesse Yeroo Liqeeffataan Maallaqa Deeb'is Gochuu Qabu

«بَارَكَ اللهُ لَكَ فِي أَهْلِكَ وَمَالِكَ، إِنَّمَا جَزَاءُ السَّلَفِ الْحَمْدُ وَالأَدَاءُ»

"Baarakallaahu Laka Fii Ahlika Wamaalika, Innamaa Jazaa'us-Salafi Alhamdu Wal Adaa'u."

"Rabbiin maatifi horrii kee keessatti barakaa siif haa taasisu. Mindaa liqaa faarufi waan liqeeffatan deebisuudha."

## 83. Du'aa'ii Namni Shirkii Sodaate Godhu

«اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ أَنْ أُشْرِكَ بِكَ وَأَنَا أَعْلَمُ، وَأَسْتَغْفِرُكَ لِمَا لاَ أَعْلَمُ»

"Allaahumma Innii A'uuzu Bika An Ushrika Bika Wa'ana A'alamu, Wa'astaghfiruka Limaa Laa A'alamu."

"Yaa Rabbi, ani wanta odoo beeku shariika siif godhu irraa sitti maganfadha, waan hin beekiniif ammoo araara sikadha." (Ahmad)

## 84. Du'aa'ii Nama Kennaa Ykn Sadaqaa Kenneef Godhamu

Akka Aa'ishaan ﷺ odeessanitti ergamaan Rabbii ﷻ kennaan re'ee dhiyaatefii ture. Isaanis (hiyyee-ssotiif) qoqqoodi naan jedhan. (Anis ni qoode). Aa'ishaan gabrichi yeroo (qoodeen) deebi'u "Maal jedhan" jedhee gaafachaa ture. *"Barakallaahu Fiikum"* (Rabbiin barakaa keessatti isiniif haa taasisu) jedhan deebiin jedhu yeroo deebi'uuf. *"Wafiihim Baarakallaah"*

(Isaanifis Rabbiin barakaa haa taasisu) jechuun erga deebisanii booda: "Waanma isaan jedhan deebifnaaf. Mindaan isaa nuuf hafa" jedhaa turan. (Ibni Saniyyi)

## 85. Gadditti[3] Akka Hin Amanne Mul'isuuf Zikrii Jedhamu

اللَّهُمَّ لَا طَيْرَ إِلَّا طَيْرُكَ، وَلَا خَيْرَ

[3] Asirratti gaddii jedhamee kan hiikame jecha Arabiffaan "Xeeyri" jedhu. Allaattii gadi lakkisuun qooda (ixaa) baasudhaan... waa'ee gaarummaa fi badummaa yeroo dhufuu, yoo karaa deemuuf yaadan galma gahaafi hin ga'uu himuuf kan itti

إِلَّا خَيْرُكَ، وَلَا إِلَٰهَ غَيْرُكَ»

"Allaahumma Laa Xeeyra Illaa Xeeyruka Walaa Kheeyra Illaa Kheeyruka Walaa Ilaaha Gheeyruka."

"Yaa Rabbi, waan Ati hojjattu amanuu malee gaddiin hin jiru. Waan Ati gaarii goote malee gaarin hin jiru. Simalee gooftaan (dhugaa) hin jiru."

(Ahmad)

---

fayyadamamu mala hundee hin qabne. Kun dhoorgamaadha.

## 86. Du'aa'ii Yeroo Horii Yaabbii (Konkolaataa, Xiyyaara...) Irra Bahan Godhamu

بِسْمِ اللهِ، الْحَمْدُ لِلَّهِ ﴿ سُبْحَٰنَ الَّذِى سَخَّرَ لَنَا هَٰذَا وَمَا كُنَّا لَهُۥ مُقْرِنِينَ ۞ وَإِنَّآ إِلَىٰ رَبِّنَا لَمُنقَلِبُونَ ﴾

"Bismillaah Alhamdulillaah, Subhaanallazii Sakhara Lanaa Haazaa Wamaa Kunnaa Lahuu Muqriniin, Wa'innaa Ilaa Rabbinaa Lamunqalibuun."

"Maqaa Rabbiitin, faarun kan Rabbiiti. Inni (Rabbiin) kana

(yaabbicha) nuuf mijeesse akkaan qulqullaaye. Nuti kana gochuuf dandeettii hin qabnu ture. Boodas garuma Gooftaa keenyaat deebina."

Itti aansudhaan: al sadi *"Alhamdu Lillaah"*, al sadi: *"Allaahu Akbar"* erga jedhee booda

اللهُ أَكْبَرُ، اللهُ أَكْبَرُ، سُبْحَانَكَ اللَّهُمَّ إِنِّي ظَلَمْتُ نَفْسِي فَاغْفِرْ لِي، فَإِنَّهُ لَا يَغْفِرُ الذُّنُوبَ إِلَّا أَنْتَ"

"Subhaanakal-Llaahumma Innii Zalamtu Nafsii Faghfir Lii Fa'innahuu Laa Yaghfiruz-Zunuuba Illaa Anta."

"Yaa Rabbi, Ati qulqulloofte, 'ani ammoo nafsee tiyya miidheera. Naaf araarami, waan simalee maaseta kan araaramu hin jirreef."
(Abuu Daawudiifi Tirmiizii)

## 87. Du'aa'ii Yeroo Imalaaf (Karaa) Bahan Godhamu

اللهُ أَكْبَرُ، اللهُ أَكْبَرُ، اللهُ أَكْبَرُ،
﴿ سُبْحَٰنَ ٱلَّذِى سَخَّرَ لَنَا هَٰذَا وَمَا كُنَّا لَهُۥ
مُقْرِنِينَ ۞ وَإِنَّآ إِلَىٰ رَبِّنَا لَمُنقَلِبُونَ ﴾ اللَّهُمَّ إِنَّا
نَسْأَلُكَ فِي سَفَرِنَا هَٰذَا الْبِرَّ وَالتَّقْوَى، وَمِنَ

الْعَمَلِ مَا تَرْضَىٰ، اللَّهُمَّ هَوِّنْ عَلَيْنَا سَفَرَنَا
هَٰذَا وَاطْوِ عَنَّا بُعْدَهُ، اللَّهُمَّ أَنْتَ الصَّاحِبُ
فِي السَّفَرِ، وَالْخَلِيفَةُ فِي الأَهْلِ، اللَّهُمَّ إِنِّي
أَعُوذُ بِكَ مِنْ وَعْثَاءِ السَّفَرِ، وَكَآبَةِ الْمَنْظَرِ،
وَسُوءِ الْمُنْقَلَبِ فِي الْمَالِ وَالأَهْلِ ،

"Allaahu Akbar, Allaahu Akbar, Allaahu Akbar: Subhaanallazii Sakhara Lanaa Haazaa Wamaa Kunnaa Lahuu Muqriniin. Wa'innaa Illa Rabbinaa Lamunqa-libuun. Allaahumma Innaa Nas'aluka Fii Safarinaa Haazaa Al Birra Wat-Taqwaa, Waminal Amali Maa Tardhaa. Allaahumma Hawwin

Aleeynaa Safaranaa Haazaa Waxwa Annaa Bu'udahu. Allaahumma Antas-Saahibu Fis-Safari, Wal Khaliifatu Fil Ahli. Allaahumma Inni A'uuzu Bika Min Wa'asaa'is-Safari, Wakaabatil Manzari Wasuu'il Munqalibi Fil Maali Wal Ahli."

"Rabbi Guddaadha, Rabbi Guddaa-dha, Rabbi Guddaadha. Inni (Rabbiin) kana nuuf mijeesse akkaan qulqullaaye. Nuti kana gochuuf dandeettii hin qabnu turre. Boodas garuma Gooftaa keenyaat deebina. Yaa Rabbi, nuti imala keenya kanarratti hojii gaarii (birrii) fi (hamtuu hojjachurraa) sodaa kee (taqwaa) si kadhanna. Hojiin hojjannus kan Ati jaalattu akka ta'u (si kadhanna). Yaa

Rabbi, karaa keenya kana nuuf laaffisi, dheerinna isaas nuuf gabaabsi. Yaa Rabbi, Ati imalarratti (eegumsa keetin) nu wajjiin ta'i, maaṭii keenya birattis nuuf hafi (nuuf eegi). Yaa Rabbi, rakkina karaa irraa, jijjiirama ilaalchaafi horii irraa, maatii keenya hamtuun tuquu irraa sitti maganfanna."

Erga imalarraa deebi'anii booda ammoo du'aa'ii olii qara'aniitin kan kanatti aanu itti dabalu:

رَجَعَ قَالَهُنَّ وَزَادَ فِيهِنَّ : «آيِبُونَ، تَائِبُونَ، عَابِدُونَ، لِرَبِّنَا حَامِدُونَ

"Aa'ibuuna, Taa'ibuuna, Aabiduuna, Lirabbina Haamiduun."

"Rabbiin araara kadhachaa, gara Isaa deebi'aa, Isa gabbaraa, Gooftaa keenyaf faaruu galchaa (gara mana keenyaa deebine)."

(Muslim)

## 88. Du'aa'ii Yeroo Ganda Ykn Magaala Tokko Seenan Godhamu

"اللَّهُمَّ رَبَّ السَّمٰوَاتِ السَّبْعِ وَمَا أَظْلَلْنَ، وَرَبَّ الأَرَضِينَ السَّبْعِ وَمَا أَقْلَلْنَ، وَرَبَّ الشَّيَاطِينِ وَمَا أَضْلَلْنَ،

وَرَبَّ الرِّيَاحِ وَمَا ذَرَيْنَ. أَسْأَلُكَ خَيْرَ هَـٰذِهِ الْقَرْيَةِ وَخَيْرَ أَهْلِهَا، وَخَيْرَ مَا فِيهَا، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّهَا، وَشَرِّ أَهْلِهَا، وَشَرِّ مَا فِيهَا

**"Allaahumma Rabbis-Samaawaatis-Sab'i Wamaa Azlalna. Warabbil Aradiina Sab'i Wamaa Aqlalna. Wa Rabbish-Shayaaxiina Wamaa Adhlalna. Wa Rabbir-Riyaahi Wamaa Zareeyna. As'aluka Kheeyra Haazihil Qaryati Wa Kheeyra Ahlihaa, Wa Kheeyra Maa Fiihaa, Wa A'uuzu Bika Min Sharrihaa, Wa Sharri Maa Fiihaa."**

"Yaa Rabbi, Gooftaa samiiwwan torbaniif waan naanna'a isaanii

jiruu, Gooftaa dachiiwwaan torbaafi waan isaa badhatanii, Gooftaa sheeyxaanotaafi waan isaan jallisanii, Gooftaa bubbeewwaniifi waan isaan bubbisanii, ani gaarii ganda kanaatifi gaarii warrii (ummanni) ganda kanaa qaba irraa si kadha. Hamtuu ganda kanaatifi hamtuu warriin ganda kanaa qaban irraa ammoo sitti maganfadha."

(Al Haakim)

## 89. Du'aa'ii Yeroo Gabaa (Suuqii) Seenan Jedhman

«لَا إِلَٰهَ إِلَّا اللهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ،

لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ، يُحْيِي وَيُمِيتُ

وَهُوَ حَيٌّ لَا يَمُوتُ، بِيَدِهِ الْخَيْرُ، وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ"

"Laa Ilaaha Illallaah Wahdahuu Laa Shariika Lahuu, Lahul Mulku Walahul Hamdu Yuhyii Wa Yumiitu Wahuwa Hayyun Laa Yamuutu Biyadihil Kheeyru Wahuwa Alaa Kulli Sheey'in Qadiir."

"Rabbiin malee gooftaan (dhugaa) hin jiru. Inni tokkicha, shariika hin qabu. Taaytaan kan Isaati, faarunis kan Isaati. Inni ni jiraachisa, ni ajjeesas. Inni garuu Jiraatadha, hin du'u. Gaarin (kheeyrin) hundi

harkasaat jira. Inni waan hundarratti danda'aadha."

(Tirmiiziifi Haakim)

## 90. Du'aa'ii Namni Imalarra Jiru Maatii Isaatif Ykn Jiraattoota Magaala Keessa Jiruutif Godhu

«أَسْتَوْدِعُكُمُ اللهَ الَّذِي لَا تَضِيعُ وَدَائِعُهُ»

"Astawdi'ukumullaah Allazii Laa Tudhii'u Wadaa'i'uhu."

"Ani Rabbitti amaanaa isin dhiiseera. Isa amaanaa itti dhiifatan nama jalaa . hin

balleessine." (Rabbiin akka isin eegu ni kadha, Rabbiin isin wajjiin haa ta'u akka jechuuti).

(Ahmadiifi Ibni Maajaah)

## 91. Du'aa'ii Namni Biyya Ufii Jiru Nama Imalarra Jiruuf Godhu

أَسْتَوْدِعُ اللهَ دِينَكَ، وَأَمَانَتَكَ، وَخَوَاتِيمَ عَمَلِكَ

A) "Astawdi'ullaaha Diinaka, Wa'amaanataka, Wakhawaatiima Amalika."

"Amantii kee, amantummaa keetifi dhuma hojii keetii akka tolchu Rabbitti amaana kennadhe."

(Ahmadiifi Tirmiizii)

زَوَّدَكَ اللهُ التَّقْوَى، وَغَفَرَ ذَنْبَكَ، وَيَسَّرَ لَكَ الْخَيْرَ حَيْثُ مَا كُنْتَ

B) "Zawadakallaahut-Taqwaa, Waghafara Zanbaka, Wayassara Lakal Kheeyra Heeysu Maa Kunta."

"Rabbiin sodaa Isaa galaa siif haa godhu. Maaseta kee siif haa araaramu. Bakka deemte hundatti hojii gaarii hunda siif haa laaffisu."

(Tirmiizii)

## 92. Du'aa'ii Yeroo Waan Olfuudhamaa Irra Bahaniifi Bu'an Godhamu

Jaabir ؓ akkana jechuun odeessaniiru: Yeroo waan ol fuudhamaa irra korru *"Allaahu Akbar"*, yeroo gadi buunu ammoo *"Subhaanallaah"* jedhaa turre.

## 93. Du'aa'ii Namni Karaa Deemu Yeroo Boqonnaaf (Nyaataf) Taa'u Godhu

أَعُوذُ بِكَلِمَاتِ اللهِ التَّامَّاتِ مِنْ شَرِّ مَا خَلَقَ (٢).

"A'uuzu Bikalimatillaahit-Taammaati Min Sharri Maa Khalaqa."

"Jechoota Rabbii kan guutuu ta'aniin hamtuu Inni uumc hundarraa (Rabbitti) maganfadha "
(Muslim)

## 94. Du'aa'ii Namni Imalarraa Deebi'e Gochuu Qabu

Akka Ibni Umar ﷺ odeessanitti ergamaan Rabbii ﷺ yeroo duularraa ykn Hajjii irraa deebi'an iddoowwan ciccimoo yoo gahan: *"Allaahu `Akbar, Allaahu Akbar, Allaahu Akbar"* jedhaa turan. Itti aansunis:

يُكَبِّرُ عَلَىٰ كُلِّ شَرَفٍ ثَلَاثَ
تَكْبِيرَاتٍ ثُمَّ يَقُولُ: لَا إِلَـٰهَ إِلَّا اللهُ وَحْدَهُ
لَا شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ، وَلَهُ الْحَمْدُ،
وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ، آيِبُونَ،
تَائِبُونَ، عَابِدُونَ، لِرَبِّنَا حَامِدُونَ،
صَدَقَ اللهُ وَعْدَهُ، وَنَصَرَ عَبْدَهُ، وَهَزَمَ
الْأَحْزَابَ وَحْدَهُ

"Laa Ilaaha Illallaah Wahdahu Laa Shariika Lahu, Lahul Mulku Walahul Hamdu Wahuwa Alaa Kulli Sheey'in Qadiir. Aa'ibuuna, Taa'ibuuna, Aabiduuna, Lirabbina Haamiduun. Sadaqallaahu Wa'adahu, Wanasara Abdahu. Wa Hazamal Ahzaaba Wahdahu."

"Rabbiin malee gooftaan (dhugaa) hin jiru. Inni tokkicha, shariika hin qabu. Taayitaan kan Isaati. Faaruniś kan isaati. Inni waan hundaa irratti danda'aadha. Rabbiin araara kadhachaa, gara Isaa deebi'aa, Isa gabbaraa. Gooftaa keenyaf faaruu galchaa (gara mana keenyaa deebinee). Rabbiin waadaa Isaa guute, gabricha Isaas gargaare, kophaa Isaas humna diinaa moo'ateera." (Bukhaariifi Muslim)

## 95. Du'aa'ii Yeroo Wanti Nama Gammachisu Ykn Dallansiisu Argamu Godhamu

Ergamaan Rabbii ﷺ .yeroo wanti isaan gammachiisu isaan qunnamu:

الْحَمْدُ لِلَّـهِ الَّذِي بِنِعْمَتِهِ تَتِمُّ

الصَّالِحَاتُ

"Alhamdu Lillaahil-Lazii Bini'imatihi Tatimmus-Saalihaatu." (Faarun kan Rabbiiti. Isa ni'imaa Isaatin wanti gaggaariin guutamtu) jedhaa turan. Yeroo wanti nama dallansiisu isaan qunnamu ammoo,

وَإِذَا أَتَاهُ الأَمْرُ يَكْرَهُهُ قَالَ:

"الْحَمْدُ لِلَّـهِ عَلَىٰ كُلِّ حَالٍ"

"Alhamdu Lillaahi Alaa Kulli Haalin" (Haala hundaa keessatti faarun kan Rabbiiti) jedhu.

(Haakim)

# 96. Faayidaa Nagaafi Rahmata Nabi Muhammad Irratti Buusuu

A) Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhu: "Nama yeroo tokko nagaafi rahmata narratti buuse Rabbiin yeroo kudhan nagaafi rahmata isarratti buusa."

(Muslim)

B) Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhu: "Qabrii kiyya bakka ayyaana itti kabajan hin godhinaa, nagaafi rahmata narratti buusaa, waan nagaafi rahmanni isin eessallee taatanii narratti buuftan na gahuuf."

(Abuu Daawudiifi Ahmad)

C) "Donyi nama maqaan kiyya biratti waamamee narratti nagaafi rahmata hin buusin" jechuun isaanii galmeeffameera.

(Tirmiizii)

## 97. Salaamata Baay'essuu

A) Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhaniiru: "Hanga amantaniitti jannata hin seentani, Waljaalattan malee ammoo hin amantani. Kanaaf wanta yoo isa hojjattan wal jaalattan isinitti argisiisuu? Gidduu keessanitti salaamata (nagaa wal gaafachuu) baay'essaa." (Muslim)

B) Akka Ammaar ibni Yaasir ؓ odeessanitti ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhaniiru: "Namni wanti

sadi walitti qabameef iimaanni walitti qabamеефiiramurtii dhugaa dabarsuu, nama hundaa nagaa gaafachuu fi qabeenya (xinnoo) qaban irraa sadaqa kennuu."

## 98. Du'aa'ii Yeroo Lukkuun Ykn Harreen Iyyu Godhamu

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhniiru: "Yeroo iyya lukkuu dhageettan Rabbiin ni'imaa Isaa irraa kadhaa, lukkuun kan iyyu yeroo malaa'ikaa arge waan ta'eef. Yeroo iyya harree dhageettan ammoo sheeyxaana abaaramaa irraa (Rabbitti) maganfadhaa, harreen kan iyyu yeroo sheeyxaana arge waan ta'eef."

(Bukhaarifi Muslim)

## 99. Du'aa'ii Yeroo Saroonni Halkan Dutan Godhamu

"Halkaniin duta sareetifi iyya harree yoo dhageettan Rabbitti maganfadha ('A'uuzu Billaah' jedhaa). Isaan waan isin hin agarre arganii (iyyuu waan danda'aniif).

(Abuu Daawudiifi Ahmad)

## 100. Du'aa'ii Nama Arrabsitaniif Godhuu Qabdan

قال ﷺ : «اللَّهُمَّ فَأَيُّمَا مُؤْمِنٍ سَبَبْتُهُ فَاجْعَلْ ذٰلِكَ لَهُ قُرْبَةً إِلَيْكَ يَوْمَ الْقِيَامَةِ»

"Allaahumma Fa'ayyumaa Mu'uminiin sabbabtuhu Faj'al Zaalika Lahuu Qurbatan Ileeyka yawmal Qiyaamaa."

"Yaa Rabbi, mu'umina ani arrabse kamillee (arraba kiyya) kana kan guyyaa kaafamaa gara keetitti ittiin kalaayu taasisi." (Bukhaarifi Muslim)

## 101. Sirna Ittiin Muslima Tokko Galateeffatan

"Namni jaalallee isaa galateeffachuu barbaade tokko akkana haa jedhu:

أَحْسِبُ فُلَاناً وَاللهُ حَسِيبُهُ

وَلَا أُزَكِّي عَلَى اللهِ أَحَداً

"Ahsibu Fulaanan Wallaahu Hasiibuhu Walaa Uzakkii Alallaahi Ahadan Ahsibuhu."

"(Ani ebaluun akkanatti beeka. Kan is a qoratu Rabbi. Ani Rabbiin biratti nama tokkos qulqulluudha jedhee hin himu) jechuun yoo waa'ee namichaa sirritti beekee waan beeku haa ibsu." (Muslim)

## 102. Du'aa'ii Namni Hajaral Aswadiifi Ruuknal Yamaan Gidduu jiru Dhageessisuu Qabu

Ergamaan Rabbii ﷺ yeroo Ruknal Yamaanifi Hajaral Aswad

gidduu gahan du'aa'ii kanatti aanu qara'u ture.

رَبَّنَآ ءَاتِنَا فِي ٱلدُّنْيَا حَسَنَةً وَفِي ٱلْآخِرَةِ حَسَنَةً وَقِنَا عَذَابَ ٱلنَّارِ

"Rabbanaa Aatinaa Fiddunyaa Hasanatan Wafil Aakhirati Hasanatan Waqinaa Azaaban-Naar."

"Yaa Gooftaa keenya, duniyaa keessatti waan gaarii. aakhiraa keessattis waan gaarii nuuf kenni. Adaba ibiddaa jalaayis nu baasi."
(Abuu Daawudiifi Ahmad)

# 103. Du'aa'ii Yeroo Tabbawwan Safaafi Marwaa Irra Bahan Godhaman

Jaabir ﷺ yeroo akkaataa raawwii sirna Hajjii Nabiyyii ﷺ haasa'an akkana jedhaniiru: "Tabba Safaatti yeroo kalaayan:-

لَمَّادَنَا ﷺ مِنَ الصَّفَا قَرَأَ

﴿ إِنَّ ٱلصَّفَا وَٱلْمَرْوَةَ مِن شَعَآئِرِ ٱللَّهِ ﴾

"Innas-Safaa Wal-Marwata Min Sha'aa'irillaah" (Safaafi Marwaan iddoowwan waa'ee Rabbii dhugaan itti beeknu keessayi) 'aayata' jedhuu erga qara'anii booda anis bakka Rabbiin jalqabe irraa jalqabe' jechuun dura Safaa gubbaa

hanga ka'abaan itti mul'atutti ol bahu Ergasii fuula isaanii gara ka'abaa naannessuun tokkummaafi guddina Rabbii ibsu. Sana booda:

فوَحَّدَ اللهَ وَكَبَّرَهُ وَقَالَ : لَا إِلَـٰهَ إِلَّا اللهُ
وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ
وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ، لَا إِلَـٰهَ إِلَّا
اللهُ وَحْدَهُ، أَنْجَزَ وَعْدَهُ، وَنَصَرَ عَبْدَهُ،
وَهَزَمَ الْأَحْزَابَ وَحْدَهُ،

"Laa Ilaaha Illallaahu wahdahu Laa Shariika Lahuu, Lahul Mulku Walahul Hamdu Wahuwa Alaa Kulli Sheey'in Qadiir. Laa Ilaaha Illallaahu Wahdahu, Anjaza

Wa'adahu, Wanasara Abdahu Wahazamal Ahzaaba Wahdahu."

"Rabbiin malee gooftan (dhugaa) hin jiru. Inni tokkicha. shariika hin qabu. Taayitaan kan Isa qofaati. Faarunis kan Isaati. Inni waan hundaa irratti danda'aadha. Rabbiin malee gooftan (dhugaa) hin jiru. Inni tokkicha. Waadaa Isaa guuteera, gabricha Isaa (Muhammadiin) gargaareera, tuuta (diinaa) kophaa Isaa moo'ateera" jedhaa turan.

Kana boodas du'aa'ii gochuudhaan kanuma olii al sadi irra deebi'anii qara'an ture. Marwaa irra yeroo bahanis haaluma wal fakkaatun raawwachaa akka turan ibsameera. (Muslim)

# 104. Du'aa'ii Guyyaa Arafaa Godhamu

Du'aa'iin hunda caalu isa guyyaa Arafaa godhamu. Zikrii aniifi nabiyyoonni naduraas godhan keessaa ammoo kan caalu isa kanatti aanu:

خَيْرُ الدُّعَاءِ دُعَاءُ يَوْمِ عَرَفَةَ، وَخَيْرُ مَا قُلْتُ أَنَا وَالنَّبِيُّونَ مِنْ قَبْلِي : لَا إِلَـٰهَ إِلَّا اللهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ

"Laa Ilaaha Illallaah Wahdahu Laa Shariika Lahu, Lhul Mulku Walahul Hamdu Wahuwa Alaa Kulli Sheey'in Qadiir."

"Rabbiin malee gooftaan (dhugaa) hin jiru. Inni tokkicha. Shariika hin qabu. Taayitaan kan Isaati. Faarunis kan Isaati. Inni waan hundaa irratti danda'aadha."

(Tirmiizii)

## 105. Zikrii Mash'aral Haraamitti Godhamu

Jaabir ﷺ akka addeessanitti Nabiyyiin ﷺ akkuma Qaswaa'i[4] irra bahanii xinnoo deemaniin *'Mash'aral Haraam'* gahan. Gara qiblaa naanna'uunis du'aa'ii godhan. *"Allaahu Akbar, Laa Ilaaha Illallaah"* jedhan. Tokkichummaa

---

[4] Qaswaa'i -maqaa gaala nabi Muhammad ﷺ

Rabbillee ni yaadachiisan. Hnaga samiin garmalee daalachatuttis (achuma) dhaabbatan. Garuu odoo aduun hin bahin dura (iddoo sana dhiisanii deeman). (Muslim)

## 106. Du'aa'ii Yeroo Jimaara ykn (Boollowwan Minatti Argaman) irratti Dhagaa Darbatan Godhamu

Ergamaan Rabbii ﷺ yeroo Uimaara' sadan irratti dhagaa darbatan *'Allaahu Akbar'* jedhu ture. Erga dhagaa duraatifi lammaffaa darbatanii booda xinnoo gara fuunduraa siqaniitin dhaabbatu. Gara qiblaa garagaluudhanis harka

isaanii ol kaasanii du'aa'ii godhu ture. Erga dhagaa dhumaa *'Allaahu Akbar'* jedhanii darbatanii booda garuu dafaniitin iddoo sana dhiisanii deemu. (Bukhaarii)

## 107. Du'aa'ii Yeroo Hajaral Aswad Irra Gahan Godhamu

"Nabi Muhammad ﷺ gaala yaabbatanii *'Ka'abaa'* ziyaaranii jiru. Yeroo dhagaa gurraacha bira gahan (namoota isaan wajjiin jiraniif) malkata wahii kennuudhaan *'Allaahu Akbar'* jedhu ture.

# 108. Du'aa'ii Diinarratti Godhamu

- «اللَّهُمَّ مُنْزِلَ الْكِتَابِ، سَرِيعَ الْحِسَابِ، اهْزِمِ الأَحْزَابَ، اللَّهُمَّ اهْزِمْهُمْ وَزَلْزِلْهُمْ»(٢).

"Allaahummaa Munzilal Kitaabi Sarii'al Hisaabi Ahzimil Ahzaab. Allaahumma Ihzamhum Wazalzilhum."

"Yaa Rabbi, Kitaabota (qulqulluu) kan buusu sima. Qorannoon (hisaabni) keetis sardamaadha. Tuuta diinaa caccabsi. Yaa Rabbi,

isaan caccabsi, dachii isaanin sochoosi." (Muslim)

## 109. Du'aa'ii Nama Diina Sodaatef Godhamu

«اللَّهُمَّ اكْفِنِيهِمْ بِمَا شِئْتَ»

"Allaahumma Ikfiniihim Bimaa Shi'ita."

"Yaa Rabbi, karama barbaadden namoota kana irraa Ati na eegi" (Muslim)

## 110. Yeroo Dinqisiifamaniifi Gammadan Wanta Jedhamu

«سُبْحَانَ اللهِ!»

"Subhaanallaah" (Rabbiin qulqullaaye)

«اللهُ أكبرُ»

"Allaahu Akbar" (Rabbiin waan hundaa irra guddaadha.) (Bukhaarii)

## 111. Yeroo Oduu Nama Gammachiisu Dhagayan Wanta Jedhamu

Nabiyyiin ﷺ yeroo oduu nama gammachiisu dhagahan Rabbiin galateeffachuuf jecha "sujuuda" godhu ture.

# 112. Du'aa'ii Namni Qaamni Isaa Dhukkubu Dhagayame Godhu

Harka kee iddoo si dhukkubu irra kaa'udhaan al sadi "Bismillaah" jedhi. Sana booda du'aa'ii kanatti aanu al torba dhageessisi.

أَعُوذُ بِاللهِ وَقُدْرَتِهِ مِنْ شَرِّ مَا أَجِدُ وَأُحَاذِرُ»(١).

"A'uuzu Billaahi Waqudratihi Min Sharri Maa Ajidu Aauhaaziru."

"Dhukkuba natti dhagahamuufi sodaa qabu irraa dandeettii Isaatin Rabbitti maganfadha."

## 113. Du'aa'ii Namni Ija Isaatin Miidhaa Akka Hin Geessine Sodaate Godhu

Eenyullee wanta obboleessa isaa tokko ykn wanta mataasaa ykn qabeenya ija nama butu tokko yoo laale akka Rabbiin barakaa isaaf kennu du'aa'ii haa godhu, waan ijji (namaa) dhugaa ta'eef. Namoonni ijaan waa summeessuu akka danda'an ibsameera.

(Ahmadiifi Ibni Maajaah)

## 114. Sirna Halkanii

"Yeroo halkan seenu (yeroo Maghriibaa) ijoollen keessan (gara alaa) akka hin baane dhoorgaa, waan yeroo kana sheeyxaanni

iddoo iddotti faca'uuf. Erga yeroon murtaa'e darbee booda yoo socho'an garuu rakkina hin qabu. Balbala keessan cufaa, maqaa Rabbillee irratti faarsaa. Sheeyxaanni mana cufame banee hin seenu. Qarbata (meeshaa) bishaanii keessan qadaadaa, maqaa Rabbillee irratti faarsaa. Saaniwwan keessan waa itti uffisaa. maqaa Rabbillee irratti faarsaa. Ibsaa (ibidda) keessanis dhaamsaa."

(Bukhaarifi Muslim)

## 115. Zikrii (Talbiyaa) Namni Sirna Hajjii Ykn Umraa Irra Jiru Jechuu Qabu

"لَبَّيْكَ اللَّهُمَّ لَبَّيْكَ، لاَ شَرِيكَ

لَكَ لَبَّيْكَ، إِنَّ الْحَمْدَ، وَالنِّعْمَةَ، لَكَ
وَالْمُلْكَ، لاَ شَرِيكَ لَكَ»

"Labbeeyka Allaahumma Labbeeyka, Labbeeyka Laa Shariika Laka Labbeeyka. Innal Hamda Wanni'imata Laka Wal Mulka Laa Shariika Laka."

"Yaa Rabbi, tole (ajaja kee fudhee asitti argame), tole Siif shariikni hin jiru, tole. Faarun dhugaa qananiin waa hundaa K'eetuma. Taayitaanis (keetuma) Siif shariikni hin jiru.

(Bukhaariifi Muslim)

## 116. Zikrii Yeroo Rifannaa Jedhamu

«لَا إِلَٰهَ إِلَّا اللهُ»

"Laa Ilaaha Illallaah"

"Rabbiin malee gooftan (dhugaa) hin jiru." (Bukhaarifi Muslim)

## 117. Yeroo Kaafirri Haxxifatu Deebii Kennamu

«يَهْدِيكُمُ اللهُ وَيُصْلِحُ بَالَكُمْ»

"Yahdiikumullaahu Wayuslihu Baalakum"

"Rabbiin isin haa qajeelchu. Haala keessanis haa tolchu."

(Tirmiiziifi Ahmad)

## 118. Yeroo Kaafirri Salaamata Dhiyeessu Deebii Kennamuufii Qabu·

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhaniiru. "Yeroo *Ahlal Kitaab* (Kiristaannifii Yahuudaan) salaamata isiniif dhiyeessan

وَعَلَيْكُمْ

"Wa'aleeykum" (isinirrattis) jedhan. Guutuu guututti *'Wa'aleeykum Assalaam'* hin jedhinaa.

## 119. Namni Somaa Jiru Yeroo Arrabsame Deebii Kennuu Qabu

«إِنِّي صَائِمٌ، إِنِّي صَائِمٌ»

"Innii Saa'imun, Innii Saa'imun"

"Ani soomaa jira, ani soomaa jira"
(Bukhaarifi Muslim)

## 120. Zikrii Yeroo Gumaata Dhiyeessaniifi (Nahri) Qalma Qalan Jedhamu

«بِسْمِ اللهِ وَاللهُ أَكْبَرُ [اللَّهُمَّ مِنْكَ وَلَكَ] اللَّهُمَّ تَقَبَّلْ مِنِّي»

"Bismillaahi Wallaahu Akbar. Allaahumma Minka Walaka. Allaahumma Taqabbal Minnii."

"Maqaa Rabbiitin, Rabbiin guddate. Yaa Rabbi, Simarraa argannee Simatti deebifna. Yaa Rabbi, narraa jaaladhu."

(Muslimiifi Beeyhaqii)

## 121. Istighfaara fi Tawbaa (Araara Gaafachuufi Gara Rabbii Deebi'uu)

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana Jedhaniiru:

"Rabbiitti kakadhee ani guyyaa guyyaan yeroo torbaatamaa ol Rabbiin araara kadha." (Bukhaarii)

"Yaa ilmaan namaa, gara Rabbii deebi'aa (tawbadhaa). Ani guyyaa guyyaan yeroo dhibba gara isaa deebi'a (tawbaa godha.)"

"Yeroon Rabbi gabricha Isaatif irra itti kalaayu yeroo walakkaa halkaniiti. Yoo yeroo kana namoota Rabbiin faarsan irraa ta'uu barbaadde kana hojjadhu" jedhaniiru.

(Tirmiizii, Nasaa'iifi Haakim)

"Yeroon gabrichi Rabbii tokko caalaa Isatti kalaayu wayta sujuuda irra jiru. (Yeroo kana) du'aa'ii baay'esaa."

(Muslim)

## 122. Faayidaa Tasbiihaa, Tahmiidaa, Tahliilaafi Takbiiraa

Akka nabi Muhammad ﷺ dabarsanitti:-

سُبْحَانَ اللهِ

وَبِحَمْدِهِ سُبْحَانَ اللهِ الْعَظِيمِ

"Subhaanallaah Wabihamdihi Subhaanallaahil-Aziim" (Rabbiin qulqullaayee, faarunis kan Isaati) kan jedhu yeroo dhibba namni qara'e maasenni isaa odoo akka hoomacha galaanaas kan baqay'atu ta'ellee ni haqamaafi."

(Bukhariifi Muslim)

Akka Abuu Ayyuub Al Ansaariin ﷺ odeessanitti egramaan Rabbii ﷺ akkana jedhaniiru.

وَقَالَ ﷺ : مَنْ قَالَ لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ، وَلَهُ الْحَمْدُ، وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ

"Laa Ilaaha Illallaah Wahdahu Laa Shariika Lahuu, Lahul Mulku Walahul Hamdu Wahuwa Alaa Kulli Sheey'in Qadiir." (Rabbiin malee gooftaan (dhugaa) hin jiru. Inni tokkicha, shariikas hin qabu. Taayitaan kan Isaati. Faarunis kan Isaati. Inni waan hundaa irratti danda'aadha.) Nama zikrii kana yeroo kudhan jedhe akka nama

gabroota afur ilmaan Ismaa'iil irraa (gabrummaa jalaa) bilisa baasettitti isaaf lakkaa'ama."

(Bukhaarifi Muslim)

Sa'ad ﷺ akkana jechuun odeessaniiru: Ergamaa Rabbii ﷺ wajjiin taanee "tokkoon tokkoon keessan guyyaa guyyaan 'hasanaa' (sadarkaa) kuma tokko walitti qabuu dadhabduu?" jechuun nugaafatan. Namoota jirru keessaa tokko: "akkamitti nu keessaa namni tokko *'hasanaa'* kuma tokko argachuu danda'a? jechuun gaafate. Isaanis "Tasbiiha (subhaanallaah) yeroo dhibba tokko haa jedhu. Rabbiin kanaan *'hasanaa'* kuma tokko isaaf katabaa, ykn maaseta

kuma tokko isarraa haqaa." jechuun ibsan. (Muslim)

Akka Abdallaah ibni Qeeysi ﷺ odeesanitti ammoo ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhaniiru. "Yaa Abdallaah ibni Qeeysi, qabeeya furdaa jannata keessa jiran gidduu tokko kan ta'e siif himuu?

«لَا حَوْلَ وَلَا قُوَّةَ إِلَّا بِاللهِ»

"Laa hawla Walaa Quwwata Illaa Billaah" (Rabbiin malee ani malaafi humnas hin qabu) jechuudha." (Bukhaarifi Muslim)

"Jechoonni Rabbiin biratti sirritti jaalatamaan afuri.

سُبْحَانَ اللهِ، وَالْحَمْدُ لِلَّـهِ، وَلَا إِلَـهَ إِلَّا اللهُ، وَاللهُ أَكْبَرُ، لَا يَضُرُّكَ بِأَيِّهِنَّ بَدَأْتَ"

'Subhaanallaah, Walhamdu Lillaah, Walaa Ilaaha Illallaah, Wallaahu Akbar' kan jedhan yoo ta'an kamilleen yoo jalqabame rakkoo hin qabu." jechuudhaan nabi Muhammad ﷺ dubbachuu isaanii Muslim gabaaseera.

Xaariqul Ashja'iin ؓ akkana Jedhaniiru: "Yeroo namni tokko Islaama fudhatu Nabiyyiin ﷺ akkamitti akka salaata sagadu isa

barsiisaa turan. Itti aansunis yeroo du'aa'ii godhu jechoota kanatti aananitti akka fayyadamu isa ajajaa turan:

«اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي، وَارْحَمْنِي، وَاهْدِنِي، وَعَافِنِي وَارْزُقْنِي»(٢).

"Allaahumma Ighfir Lii War'hamnii Wahdinii, Wa'aafinii, War'zuqnii."

"Yaa Rabbi, naaf araarami, rahmata naaf godhi, karaa sirrii na qajeelchi, fayyaa naaf kenni, qabeenya naaf kenni (na nyaachisi)."

(Muslim)

Akka Jaabir ibni Abdallaah ﷺ odeessanitti ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhaniiru. "Irra caalan Du'aa'ii *'Alhamdu Lillaah'* kan jedhu yoo ta'u irra caalan Zikrii ammoo *'Laa Ilaaha Illallaah'* kan jedhu.
(Tirmiizii, Ibni Maajaahif Haakim)

Ergamaan Rabbi ﷺ akkana jedhaniiru "hojiiwwan gaggaarin yeroo kamillee hin banne isaan kana:

«البَاقِيَاتُ الصَّالِحَاتُ: سُبْحَانَ اللهِ، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ، وَلَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ، وَاللهُ أَكْبَرُ، وَلَا حَوْلَ وَلَا قُوَّةَ إِلَّا بِاللهِ»

"Subhaanallaah, Walhamdu Lillaah, Walaa Ilaaha Illallaah,

Wallaahu Akbar, Walaa Hawla Walaa Quwwata Illaa Billaah."

"Rabbiin Qulqullaaye. Faarun kan Rabbitti. Rabbiin malee gooftan (dhugaa) hin jiru. Rabbiin guddate, Rabbin malee malaafi humnas hin qabnu" (Ahmad)

## 123. Bifa *'Tasbiiha'* Nabiyyii ﷺ

Abdallaah ibni Amri ؓ "Nabiyyiin ﷺ yeroo tasbiiha godhan (*'Subhaanallaah'* yeroo jedhan) harka mirgaa isaanitiin kan lakkaa'an argeera" jedhaniiru.

(Abuu Daawudiifi Tirmiizii)

وَصَلَّى اللهُ وَسَلَّمَ وَبَارِكْ عَلَى نَبِيِّنَا

مُحَمَّدٍ وَعَلَى آلِهِ وَأَصْحَابِهِ أَجْمَعِينَ.

***NABI MUHAMMADIIFI MAATII ISAANII AKKASUMAS SAHAABOTA ISAANII HUNDA IRRATTI NAGAAFI RAHMANNI RABBII HAA BU'U.***

**XUMURAMEERA**



كل الحقوق محفوظة

Mirgi Maxxansiisaa Seeran Eegamaadha

All Rights Reserved